# Kallacha Oromiyaa

Jijjiirama hundagaleessaaf Odeeffannoo sirrii!

Bara 32 | Lakk. 45 | Fulbaana 8 bara 2018 | Gatiin qar. 20


## “Harki gamtaa ummata keenyaa olka’insa Itoophiyaa ittifufsiisuun biyya fakkeenya badhaadhina Afriikaa taate ijaaruuf sagalee tokkoon waadaasaa haaresse abdii nutti horeera”

**PMNO Obbo Shimallis Abdiisaa**

*Kutaa Qophiitiin*

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaan harki gamtaa uummata keenyaa didaa leenjisee har’as bifa haaraan olka’iinsa Itoophiyaa ittifufsiisuun biyya fakkeenya badhaadhina Afriikaa taate ijaaruuf sagalee tokkoon waadaasaa haaresse akka mootummaatti ergama qabanneef aarsaa barbaachisu kaffaluun fuulduratti akka tarkaanfachiifnuuf abdii nutti horeera jedhan.

Pirezidaanti Shimallis hiriira deeggarsaa guyyaa Kaleessaa guutummaa Oromiyaatti gaggeeffame ilaalchisee ergaa dabarsaniin, Hidha Haaromsaa Guddicha Itoophiyaa injifannoon goolabdanii olka’iinsa biyyaaf boqonnaa haaraa waan saaqxaniif galatoomaa jedhan.



Ijaarsi Hidha Haaromsaa Guddicha Itoophiyaa pirojektii seenaqabeessa irree uummataa xiiqiif gamtaa’eefi tumsa lukkuu hanga lubbuutti kaffalameen ilaalcha hin danda’amuu diigee Ashaaraa dhaloota haaraan galmaa’edha kan jedhan Obbo Shimallis, injifannichi seenaafi seeneffama gootummaa gurraachotaa irra deebiin copha dafqaa, imimmaaniifi dhiigaan galmee seenaa shira kamiinuu dukkaneeffamuufi haqamuu hin dandeenye Adwaa 2ffaa ta’uun kan barreeffame ta’uu ibsan.

Hiriirri guddaan guutummaa Oromiyaa Kaabaa hanga Kibbaa Bahaa hanga Lixaatti gaggeeffame kun diinaafis firaafis ergaa murteessaa dabarseera. Dinoonni dhaabbataan guddina Itoophiyaa hin jaalanne olka’iinsa Itoophiyaa arguus dhaga’uus hin barbaadne dambalii uummataa guddaa kanaan qalbiin cabeera jedhan.

Uummanni keenya garaagarummaa *Gara fuula 3tti*





## Guutuu Oromiyaatti eebbifamuu Hidha Haaromsaa Guddicha Itoophiyaa hordofee hawaasni hiriira bahuun gammachuusaa ibsate

*Kutaa Qophiitiin*

Hidhi Haaromsaa Guddichi Itoophiyaa afrikaarraa sadarkaa 1ffaafi maqaa Itoophiyaa olkaase eebbiffamuu hordofee jiraattonni guutuu Oromiyaa kaleessa hiriira bahuun deeggarsaafi gammachuusaanii ibsataniiru. Pirezidaantii Itti Aanaan Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Awwaluu Abdii, hiriira deeggarsaafi *Gara fuula 14tti*

## Gurgurtaa kaarbooniirraa galii doolaara mil.15 argamsiisuuf hojjechaa jiraachuu Abbaan Taayitaa Eegumsa Naannoo Oromiyaa beeksise

*Kutaa Qophiitiin*

Naannoo Oromiyaatti hojii kunuunsaafi eegumsa bosonaa naannichatti hojjetamaa jiruun faalama qilleensaa hir’isuun cinaatti gurgurtaa kaarboonirraa galii doolaara miliyoona 15 argamsiisuuf xiyyeeffannoon hojjechaa jiraachuu Abbaan Taayitaa Egumsa Naannoo Oromiyaa beeksiseera.

Itti Aanaan Daarektara Olaanaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Oromiyaa Obbo Boonaa Yaaddessaa ibsa addatti Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaatiif kennaniin, Abbaan Taayitichaa rakkoo jijjiirama qilleensaafi mancaatii qabeenya uumamaa hordofuu, to`achuu, sirreeffama barbaachisaa fudhachuufi diinagdeen naannichaa gama kanaan akka guddatuuf hojjechaa jiraachuu ibsaniiru.

Akka Oromiyaatti waggoottan torban darban keessatti eegumsaa bosonaafi kunuunsa bosonaa irratti hojii hojjetameen mancaatiin bosonaa waggaa waggaatti lafa hektaara kuma 38 ol ta’u irraa mancaa’aa ture gara lafa hektaara kuma 14tti gadi bu’ee *Gara fuula 3tti*

## Naannoo Oromiyaatti bara barnootaa 2018tti barattootni miliyoonni 13 ol barumsasaanii ni hordofu jedhame

*Masarat Amanaatiin*

Naannoo Oromiyaatti bara barnootaa 2018tti barattootni miiliyoona 13 ol barnootasaanii kan hordofan ta’uu Biiroon Barnootaa Oromiyaa beeksise.

Sirna jalqabbii baruufi barsiisuu bara barnootaa 2018 sadarkaa Naannoo Oromiyaatti Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Yekkaa Xaafootti bakka hoggantootni, Abbootii Gadaa, maatiin barattootaafi qooda



fudhattootni argamanitti tibbana gaggeeffameera.

Hoggantuun Itti Aantuu Biiroo Barnoota Oromiyaa Aadde Habiibaa Mahaammad sirna jalqabsiisa kanarratti akka dubbatanitti bara barnootaa kana akka Naannoo Oromiyaatti manneen barnootaa 35000 ol ta'an keessatti barattootni miiliyoona 13 ol kan baratan ta'uu ibsaniiru.

Hojiin baruufi barsiisuu naannichatti karaa qindoomina *Gara fuula 14tti*

**Hiyyummaafi boodatti hafummaa maqsuudhaan badhaadhina dhuunfaafi maatii haa mirkaneessinu!**

# Beeksisa

## Arsii

**Caalbaasii Gurgurtaa Konkolaataa**

Dhaabbanni Aksiyoonaa Harmee jedhamu Godina Arsii Magaalaa Asallaa ganda 04 keessatti argamu qabeenyaa dhaabbatichaa kan ta'e 1ffaa Konkolaataa laandikiruuzarii Lakk. Gabatee isaa A.A.3-29021 kan ta'e 2ffaa Kireenii Entiree Konkolaataa kaasuu Lakk. Gabtee isaa 3-17809 O/R kan ta'e dhaabbatichi caalbaasiidhaan Wal-dorgomsisee gurguruu waan barbaadeef, namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan guyyaa beeksifni kun Gaazexaa Kallacha Oromiyaarratti maxxanfamee bahee kaasee guyyaa hojii 15f qileensarra edda ture gaafa guyyaa 16 Waajjira dhaabbatichaa Magaalaa Asallaa Keessatti argamutti qaamaan dhiyaachuudhaan sanda guutuu waa'ee caalbaasichaa ibsu qarshii hin deebine 200(dhibba lama) kaffaluudhaan bitachuu kan dandessan ta'uu ni beeksifna. **Odeeffannoo Dabalataatiif Lakk. Bilbilaa 0910418379, 0911717761 ykn 0911089040 bilbiluun gaafachuu ni dandeessu. Waajjira Harmee Abbootii Qabeenyaa Deddeebisa Uummataa Gidduu Galeessaafi Xixxiqaa Aksiyoonii Asallaa.**

---

Aadde Bizunesh Bayyeechaa Magaalaa Asallaa Ganda 07 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkanaa'eefii qaban waraqaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 19/76/152/87 ta'een galmaa'ee naaf kenname najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhihaachuu ragaan abbaa qabiyyee biraa kan kennamuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa

---

Aadde Kadiijaa Saaddoo Magaalaa Nageellee Arsii Ganda Malkaa Shaayitti waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa lakk.N/Ar/1612/13 kan ta'e na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru,kanaafuu namni raga kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kan biraa bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Arsii

---

Obbo Galatoo Maammoo Magaalaa Nageellee Arsii Ganda Malkaa Shaayitti keessatti waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa lakk.N/Ar/12453/14 kan ta'e na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru,kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kan biraa bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Arsii.

---

Obbo Bashiir Obsee Magaalaa Nageellee Arsii Ganda M/Shaayitti keessatti waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa lakk.N/Ar/12343/14 kan ta'e na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru,kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kan biraa bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Arsii

---

Obbo Dammanaa Adinaw Magaalaa Asallaa Ganda 07 keessatti iddoo mana jireenyaa qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa OR006051103005 kan ta'een galmaa'ee naaf kenname najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate waraqaan ragaa abbaa qabiyyee kan biraa bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa

Obbo Taarikuu Kadiir Magaalaa Nageellee Arsii Ganda Malkaa Shaayittii keessatti waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk.N/Ar/11616/13 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru, kanaafuu namni ragaa kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Arsii

---

## Baale

Obbo Yohaannis Geetachoo Makitee Magaalaa Gindhiir Ganda Gaarra keessatti Saayit Pilaanii Lakk,isaa 0336938 fi Nagahee lafaa Lakk.isaa 0591755 kan ta'e, maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gindhiir

---

Obbo Abduramaan Hassan Dinshoo Aanaa Dinshoo Ganda 02 keessatti mana jireenyaa ballina $M^2$ 200 irratti argamu,gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhuihaatu.Waajjira Mis/Magaalaafi Bu'uuraalee Ganda Magaalaa Diinshoo

---

## Boorana

Obbo Siraaji H/Sarbii fi Aadde Barwaaqoo Abdullaahi Eedin qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Bururii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 537 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 8776/BMN/01/01/01 ta'e,Obbo Husseen Jabaa Burraatti gurguranneera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa.

---

Aadde Aminaa Malatoo Anshaa B/B Obbo Nigusee Anshaa Gammadaa qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Goobichaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee ballina $M^2$ 247 irratti argamu maqaa Aadde Aminaa Malatoo Anshaatiin galmaa'ee beekkamu,lakk.saayit pilaanii 10630/BMN/B/01/01/01 kan ta'e, Maaluuk Shawangizaawitti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa.

---

Aadde Safiyaa Huseen Umar B/B Obbo Kadiir Muktar Abshiroo qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana daldalaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Malkaa Odaa keessatti maqaa isaanii galmaa'ee ballina $M^2$ 247 irratti argamu,lakk.saayit pilaanii 1846/BMN/01/01/02 kan ta'e, Aadde Mayiminaa Muktaar Abshirootiif kenneera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kennaan kan mirkanaa'uuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

---

## Bunnoo Beddellee

Obbo Dassaalenyi Mangashaa mana jireenyaa Godina Bunnoo Beddellee Magaalaa Beddellee Ganda Dirree Misoomaa keessatti argamu qabeenya hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu, lakk.kaartaasaa L-0376/15 ta'e, Faaxumaa Radiitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitataatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaafi Eeggumsa Naannoo Magaalaa Beddellee

Dhaaltoota Obbo Ayyalaa Mitikkuu fi Aadde Asnaaqech Dubbalee kan ta'an Biraanee, Balaayinash ,Lidatuu fi Garramuu Ayyalaa dhaaltoota sadarkaa duraa ta'uu mana murtiin waan mirkaneeffataniif Magaalaa Beddellee Ganda Dirree Misoomaa keessatti mana qabeenya hin sochoone maqaa Obbo Ayyalaa Mitikkuu fi Aadde Asnaaqach Dubbaaleetiin galmaa'ee ballina $M^2$ 300 irratti argamu, maqaa gara isaanitti akka naanneessinuuf iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhihaachuu baate kaartaa gara dhaaltootatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaafi Eeggumsa Naannoo Magaalaa Beddellee

---

Obbo Wandifirawu Malaakuu mana jireenyaa Godina Bunnoo Beddellee Magaalaa Beddellee Ganda Siddisaa keessatti qabeenya hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu, Kaartaan Lakk.isaa 1393/2002 ta'e, na jalaa badeera jedhanil iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addatiin qabadheerta kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaafi Eeggumsa Naannoo Magaalaa Beddellee

---

## Gujii

Aadde Alamtsahaay Nigusee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Yisaaq Maruufi Aadde Qiddisti Maaruutti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Zarihuun Alamuu fa'aa N-10 mana daldaalaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Bantii Arabaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 577.5 irratti argamu Obbo Abdulmaaliik Musxafaatti gurguranneera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Natsaannat Abarraa mana jireenyaa Lakk.isaa OR003031207009 kan ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu, Obbo Dastaa Waaqootti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Fiqaaduu Mulugeetaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 400 irratti argamu, Obbo Natsaannat W/Gorgisitti gurgureera jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Tsahaay Gonfaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu ,Obbo Taammiruu Xonneetti gurgureera jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

**Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!**

Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiyaa.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

# *Dubbii Ijoo*

## Xumuramuun HHGI jalqabbii olka'insaafi boqonnaa haaraa biyya keenyaati

Dhimma dantaa biyyaarratti uummatni keenya har'as ta'ee seenaa keessatti duubatti jedhe hin beeku. Birmadummaa biyya kanaa eeguu keessatti Uummatni Oromoo durii kaasee aarsaa lafeefi dhiigaa kaffalaa tureera,har'as kaffalaa jira. Mootummaan sochii dinagdeen of danda'uun walabummaa dinagdee milkeessuuf hojjetaa jiru keessatti hirmaannaa olaanaa taasisuun tarsiimoon mootummaa mootummaa akka firii buusuu taasiseera. Kanaaf immoo qonni qamadii jallisiifi tajaajila lammummaan hojiin hojjetamaa ture agarsiistuudha. Agarsiistuu jalqabbii olka'insaafi boqonnaa haaraa biyya keenyaa kan ta'e hidhi haaromsaati.

Ijaarsi Hidha Haaromsaa Guddicha Itoophiyaa Pirojektii seena qabeessa irree ummataa xiiqiif gamtaa'eefi tumsa lukkuu hanga lubbuutti kaffalameen ilaalcha hin danda'amuu diigee Ashaaraa dhaloota haaraa galmaa'edha.

Injifannichi seenaafi seeneffama gootummaa gurraachotaa irra deebiin copha dafqaafi copha dhiigaan galmee seenaa shira kamiinuu dukkaneeffamuufi haqamuu hin dandeenye Adwaa 2ffaa ta'uun kan barreeffamedha.

Pirojektichi qormaata keessoofi idil-addunyaa xaxaminsa hamaa qabu hoggansa tarsiima'aa looreetni nagaa Addunyaa Muummichi Ministeeraa Dr Abiyyi Ahmad kennaniifi aarsaa qaalii uummatni keenya itti fufiinsaan kaffalaniin boqonnaa seenessa dulloomaa siyaasa bishaan gaanfa Afriikaa guutummaatti jijjiireera.

Sammuun injifannoo raajii kana galmeesse, aarsaan jaalalaafi kabaja biyyaaf kaffalame faajjii birmadummaafi bilisummaa ta'ee yeroo hunda olka'ee leellifamaaf yaadatamaa jiraata.

Hiriirri guddicha guutummaa Oromiyaa Kaabaa hanga Kibbaa Bahaa hanga Lixaatti har'a gaggeeffame kun diinaafis firaafis ergaa murteessaa dabarseera. Dinootni dhaabbataan guddina Itoophiyaa hin jaalanne olka'insa Itoophiyaa arguus dhaga'uus hin barbaadne dambalii uummataa guddaa kanaan qalbiin cabeera.

Uummatni keenya garaagarummaa ilaalchaa, lagaafi kutaan osoo hin qoodamin irree gamtummaa isaa ammas irra deebiin mirkaneesseera. Boqonnaan keessa jirru gama hundaan haaraadha. Gubaarratt rivaanii kutnee olka'iinsa biyya keenyaa jalqabsiifneerra. Jalqabbii olka'insa biyyaa labsame hordofee pirojeektootni gurguddoon Ministirri Muummee FDRI Dr Abiyyi Ahmad Gubaarratti labsan duula hiyyummaarratti eegalleen injifannoo olaanaa kan nu gonfachiisu; gaanfa Afriikaatti dorgomtummaa Itoophiyaa sadarkaa olaanaatti kan ceesisudha.

Dhalootni kun humna abjuun kan guutame; hoggansa tarsimaa'aan kan masakame aarsaa qaalii kaffaluun jecha gochaan dhugoomsaa kan jirudha.

Mootummaa Naannoo Oromiyaa kaayyoonsaa inni guddaan Oromiyaa ijaaruu, Itoophiyaa utubuufi gaanfa Afriikaa tasgabbeessuudha. Ergama kanaaf mootummaan cimee halkaniifi guyyaa imaanaa uummataa qabatee cichoominaan hojjetaa jira. Kana waanta'eef ammas uummatni keenya tarsiimoo mootummaan qabate hunda tumsuun milkeessuu keessatti akkuma kanaan duraa cimaa deemuun murteessaadha.

## "Harki gamtaa ummata . . .

ilaalchaa, lagaafi kutaan osoo hin qoodamin irree gamtummaasaa ammas irra deebiin nuuf mirkaneesseef Mootummaan Naannoo Oromiyaa kabajaafi ulfina olaanaa kan qabu ta'uu irra deebiin mirkaneessaniiru.

Boqonnaan keessa jirru gama hundaan haaraa jedhanii, Gubaarratt rivaanii kunnee olka'iinsa biyya keenyaa jalqabsiifneerra. Jalqabbii olka'iinsa biyyaa labsame hordofee pirojektoonni gurguddoon hoggansi keenya kabajamoo Muummicha Ministeraa Dr Abiyyi Ahmad Gubaarratti labsan duula hiyyummaarratti eegalleen injifannoo olaanaa kan nu gonfachiisu; gaanfa Afriikaatti dorgomtummaa Itoophiyaa sadarkaa olaanaatti kan ceesisuudha jedhan.

Kaayyoon keenya Oromiyaa ijaaruu, Itoophiyaa utubuufi gaanfa Afriikaa tasgabbeessuudha. Boqonnaa haaraa eegalameen ajandaan biyyaalessaa guddichi mootummaan qabatee jiru Ulaa Galaanaa shiraan dhabne seeraan deebisuun biyya guddoo ulfana maluuf gonfachiisuudha, ergama kanaaf cimnee halkaniifi guyyaa imaanaa uummataa qabannee cichinee harka wal qabachuun nu barbaachisaas jedhaniiru.



## Gurgurtaa kaarboonirraa galii . . .

jiraachuus ibsaniiru.

Hojii kunuunsaafi eegumsa bosonaaf taasifameenis uwwisni bosonaa gara dhibbantaa 29tti guddachuus himaniiru. Qorannoo geggeeffameenis bara 2022fi 2023 keessa gaazii ho'a dabalan/kaarbooniin/ toonii miliyoona 15 ol ta'u akka Oromiyaatti hafuu danda'uus Obbo Boonaan dubbataniiru.

Faalama qilleensaa hir'isuun cinaatti hojii bosona kunuunsuu irraa galii argamsiisuuf Baankii addunyaa waliinis gurgurtaan kaarboonii toonii miliyoona 1.8 doolaaraa Amerikaa miliyoona 15'niin gurgurtaaf waliigalamuu kan dubbatan Obbo Boonaan, biyyoonni shan Zaambiyaa, Itoophiyaa, Meeksiikoo, Kolombiyaafi Indooneshiyaan waliigaltee Paaris booda waliin sochii eegalan keessaa kan Itoophiyaa qofti dursee milkaa'ina agarsiisuu himaniiru.

Hojiin Oromiyaatti hojjetames sadarkaa biyyaatti beekamtii argachuun muuxannoo ta'uun waltajjii gurguddoo idil addunyaatti dhiyaachaa akka jiruufi beekamtii argamsiisuun waltajjiin jijjiirama qilleensaa Afrikaa marsaa 2ffaa akka biyya keenyatti kabajamuufis carraa argamsiisuu ibsanii, sagantaa "Nature based solution" fayyadamuun hojii guddaa hojjechaa jiraachuus dubbataniiru.

Muuxannoo kunuunsaafi eegumsa bosonaan akka Oromiyaatti jiru biyya Keeniyaafi dhaabbata UN`f qoodanii jiraachuu eeruun, biyyi keenya gabaa gurgurtaa kaarboonii keessa galuuf qophii guddaa taasisaa jiraachuu ibsaniiru.

Oromiyaanis carraa gurguddaa lama waltajjii jijjiirama qilleensaa Afrikaa 2ffaa irraa akka argattu tokkoffaa hojii hanga ammaa hojjetameen bu'aa argame beeksisuufi gurgurtaa kaarbooniif gabaa argamsiisuu, lammaffaa dhaabbilee tumsa taasisan kan duraa tursiisuufi haaraas argachuuf carraa guddaa kan kennu ta'uu Obbo Boonaan himaniiru.

**Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!**

Obbo Ibraahiim Daalachaa mana jireenyaa Lakk.isaa OR003030411007 kan ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 203 irratti argamu Obbo Aschaaloo Xannaatti gurgureera jedhaniiru, kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Abeel Geetuu Dabbabee mana jireenyaa Lakk. isaa Aw/GOD/087-005 kan ta'e, rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda D/Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 200 irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 2405/2011 kan ta'e Obbo Ayyaanoo Amaanootti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

---

Obbo Boossee Nugusee Tashoomee mana jireenyaa lakk.isaa Aw/GLD/054 kan ta'e, rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 200 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 2905/2015 kan ta'e Obbo Ababaawu Arraagaawutti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

---

Aadde Hageernesh Malkaamuu mana jireenyaa lakk. isaa AD/GLD/042 kan ta'e, rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Lafa Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 200 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 2219/11 kan ta'e Obbo Yaalawoo Gu'adduutti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

---

Obbo Xilaahuun H/Mariyaam Raagoo mana jireenyaa lakk.isaa AD/GD3/121-02 kan ta'e, rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Qilxaa Eebbaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 600 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 1025/10 kan ta'e Aadde Wuddineesh Shallamaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa AdoolaaWoyyuu

---

Obbo Salamoon Laggasaa mana daldalaa lakk.isaa OR003011105017 ta'e,Magaalaa Shaakkisoo Ganda Baantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 35.5 irratti argamu Obbo Abdulfattaa Faqiitti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Kaasaahuun Mallasee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Abdulsalaam Sulxaanitti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Andu'aleem Azaalee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu ,Obbo Matiyoos Sumagootti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Addisuu Barisoo mana jireenyaa lakk.isaa OR003011509004 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Baantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$350 irratti argamu ,Aadde Geexee Birbisaatti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Dabalaa Goobanaa Saafayii mana jireenyaa lakk. isaa OR043020502017 kan ta'e, rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Laga Gafarsaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 204.25 irratti argamu ,lakk.Kaartaa isaa 7322/15 kan ta'e Obbo Ramadaan Musamaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

---

Fireew Bokkoo Galchuu mana jireenyaa Lakk.-------- ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) daldalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda G/Xilloo keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira $900M^2$ irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 344/2015 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru Yuuniyeenii Qonnaa Maraa Me'ee bokkootti kan gurguree waan ta'eef waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru.Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi E/N/Bul/M/Adoolaa Woyyuu.

---

Obbo Malaakuu Fisahaa Magaalaa Bulee Horaa ganda Burqaa Midhiddii kan ta'e qabeenya mana jireenyaa isaanii mana balbala 2 (Lama) Lakk. kaartaa 2780/M.706/2000 tiin galmaa'ee jiru bal'inna lafaa $200M^2$ ta'e Obbo Sisaayi Fisahaa fi Immebet Fissahaatiiif kenneeraa jedhaniiru.Kanaafuu namni mormii qabu yoo jiraatee guyyaa 20 (digdama) keessatti W/ra Lafa Magaalaa Bulee Horaatti akka dhiyeeffatan yoo hin dhiyaanne walii galtee dhiyaate fudhannee kan mirkaneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa

---

Obbo Aagaa Yaa'iqoob Phaawuloos Magaalaa Bulee Horaa ganda Bulee Qilxaa kan ta'e qabeenya mana jireenyaa isaanii mana balbala 6 Lakk.kaartaa BH/4268/A.689/2011 kan ta'e bal'inna lafaa $400M^2$ iratti argamu Obbo Girmaa Phaawuloosiitiif kenneeraaf jedhaniiru.Kanaafuu namni mormii qabu yoo jiraatee beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa

---

Obbo Qajeelaa Godaanaa Magaalaa Bulee Horaa ganda Gooroo Guddinaa keesa kan ta'e qabeenya mana jireenyaa isaanii mana balbala 1 Lakk.kaartaa BH/9252/Q.150/2016 kan ta'e bal'inna lafaa $403M^2$ irratti argamu Obbo Abbabee Duubeetiif kenneeraaf jedhaniiru.Kanaafuu namni mormii qabu yoo jiraatee beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa

---

Obbo Mokonnin Tsaggaayee Magaalaa Bulee Horaa ganda B/Qilxaa kan ta'e qabeenya mana jireenyaa BH/8056/D.1010/2016 kan ta'e Qorqoorroo balbala 1bal'inna lafaa $400M^2$ irratti argamu Girmaa Alamayyoo fi Balaay Gammachuutti gurguree jedhaniiru.Kanaafuu namni mormii qabu yoo jiraatee beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa

---

Obbo Silashi Tasfaayee Sabataa Magaalaa Bulee Horaa ganda Gooroo Abbayyii kan ta'e qabeenya mana jireenyaa BH/9487/S.715/2016 kan ta'e mana bal'inna lafaa $384M^2$ irratti argamu Obbo Nageyoo Dullachaa Gobbanaatti gurguree jedhaniiru.Kanaafuu namni mormii qabu yoo jiraatee beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa.

---

Obbo Fissaa Zargabbaachoo Magaalaa Bulee Horaa ganda B/Midhiddii kan ta'e qabeenya mana jireenyaa balbala 3 Lakk.kaartaa BH/5484/F.817/2017 kan ta'e mana bal'inna lafaa $200M^2$ irratti argamu Obbo Girmaa Fissaatiif kenneeraaf jedhaniiru.Kanaafuu namni mormii qabu yoo jiraatee beeksfni kun guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa

---

Obbo Wandimmaaganyi Lolee Uragoo mana jireenyaa Lakk.AW/-GLD/134 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda L/Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira $200M^2$ irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 4900/2014 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru Aadde Daggineesh Teeqqatti kan gurgureef waan ta'eef waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru.Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi E/N/Bul/M/Adoolaa Woyyuu.

---

Aadde Fallaqachi Geetahuun mana jireenyaa Lakk. OR043011316009 ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) daldalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda L/Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali'inni isaa kaareemeetira $547.4M^2$ irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 2883/2012 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru Aadde Salaammaawiit Birhaanuu Zawuduutiif kenneeraaf waan ta'eef waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru.Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi E/N/Bul/M/Adoolaa Woyyuu.

---

Aadde Ayyalechi Xigginesh mana jireenyaa Lakk.isaa OR00303040213011 kan ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu, Obbo Muudaa Jarsootti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

## Harargee

Obbo Mulugeetaa Wandafraw mana jireenyaa hula tokkoo Magaalaa Fu/Biraa Araddaa 03 keessaa qaban ,ballina $M^2$ 200 irratti argamu,Kadiir Sheek Abdiitti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Fu/Biraa

---

Obbo Abdunaasir Muktaar mana jireenyaa hulaaa 3 Magaalaa Fu/Biraa Araddaa 03 keessaa qaban, ballina $M^2$ 300 irratti argamu,Obbo Sulxaan Yoonisitti gurguradheera waan kjedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Fu/Biraa.

---

B/B Aadde Gannat Faantaa mana jireenyaa hulaa tokkoo Magaalaa Fu/Biraa Araddaa 03 keessaa qaban, ballina $M^2$ 410 irratti argamu,Obbo Ziyaad Nuuritti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Fu/Biraa

# Aadaa

*Oliifan Raggaasaa*

# Nyaata Aadaa Oromoo Harargee keessaa Shuummoo ykn Mulluu

Uummanni Oromoo uummata aadaa nyaataa gabbataa qabuudha. Haala baay'inaafi qubannaa lafaa uummatichaatinis aadaan nyaataa kun bakkaa bakkatti garaagarummaa qaba. Kanrraa kan ka'e Godinaalee Oromiyaa maratti maqaa adda addaafi adda addummaa kan qabuudha. Nutis maxxansa guyyaa har'aa kanaaf nyaata aadaa Oromoo Harargee keessaa tokko kan ta'e Shuummoo akka armaan gadiitti qindeessineerra.

Shuummoon nyaata aadaa Oromoo Harargee keessaa tokkoodha. Gosti nyaata aadaa kun hawaasicha biratti bal'inaan beekamuufi baay'ee jaalatamaa kan ta'eedha. Innis gosoota midhaanii kanneen akka boqqoolloo, baaqilaa, ashangoree (boloqqee) danguullee wajjin walitti dabalamuun hojjatama.

Mishingaafi garbuu akkasuma ashangoree ykn baaqilaa itti dabaluun aannan itti naqamee meeshaa aadaatti naqamee fal'aanaan furruq godhaa mi'aasaa arrabarratti dhandhamachaa yeroo asrii gara galgalaa nyaatama. Sababni isaas, guyyaa hojjatamaa oolee bilchaachaa oola waan ta'eef gara galgalaa suphaaxaaf nyaatama.

Shuummoon dur okkoteetti yoo affeellamu yeroo ammaa baay'inaan okkoteen waan hin argamneef distiitti affeelamee aannan qabeerraa qoriitti naqamee fal'aana mukaa irraa hojjatameen akka aadaatti marsanii nyaatama.

Shuummoo hojjachuuf mooyyeefi toomaan barbaachisaadha. Isaanis muka waddeessaa, waleensuufi kkf irraa hojjatamuun toomaan harka lamaan nama lamaan talaantalama. Yeroo talaantalanis weedduu dikkoo armaan gadii weeddisu.

*'Mana abbaa ofii*

*Akaayii nyaatu, shuummootu irbaata*

*Mana alagaattii*

*Alangaa nyaatu roobiiti irbaata*

*Abidda dhaamu gandaa si waamu*

*Alagaan farra kabalee kolfaa*

*Dhahee naafeessa jedhee yaaddeessaa'*

Alagaan humna nama caalu yoo nama gabroomfate akka yaadasaatti nama hacuucee bulcha malee, kunuunsi namaa taasiisu akka hinjirre weedduu kanaan ibsatu. Akkasumas, biyya ofitti hiyyoomanii jiraachuun bilisummaa guddaa akka taheefi biyya ormaa qabaatanii dhiitamaa jiraachuun mirga namummaafi dimokiraasii akka namarraa mulqu nama hubachiisa.

Talaantala jechuun nama lamaan toomaa qabachuun faraqaa faraqaan olkaasanii mooyyee keessatti midhaan gadi tumuu ykn rukutamuudha. Mooyyeen ammoo mukarraa kan tolfamteefi muka bool'essun midhaan itti naqanii toomaan kan itti tumamu yoo ta'u, midhaan Shuummoo qofaa osoo hin taanee midhaan nyaata biraaf oolu hundaa kan itti tumamu ta'uudha. Yeroo kanas akka armaan gadii kanatti weeddisu.

*'Garbuun ni bilchaataa shimbirroon ni nyaattii*

*Yaa hiriyaa tiyyaa wal dhabnee nagaattii*

*Olqabee gadi qabee dhagaa quncee dhabee*

*Sobeetiin sossobee garaan sabrii dhabee*

*Bishaan bishuu madda waabee jalli garbaa*

*Jiraannu walgarraa duunu qabriin addaa*

*Abboon nama rabbiidha, salaata hin qadeessuu*

*Kan wajjin nu uume addaan nuu hin fageessuu*

*Loon keenya gabbatoo qarree waa hin bu'anii*

*Dhukkubsatan malee yaadan waa hin du'anii*

*Goofareen tiyyumaa filaan mukaayumaa*

*Sumaan jaalle malee koo qalbiin fayyumaa*

*Ibiddaan bobeessa jalaan barbadeessaa*

*Na jibbitu hin beeku ofin jajjabeessaa*

*Burjaanni hin dulloomu citee badu malee,*

*Ani si jalaa hin hafu du'ee badu malee*

*An du'ee hin agarree dachii jallii manaa*

*Kan addaan nuu baasee rabbii mitii namaa*

Garbuun facaafamee bilchaatuu waan hin oollee, garbuu bilchaatee immoo shimbirroon ni nyaatti kun dhuga dha. Dardarriifi shamarris ganda keessa kan waliin guddatan yeroo keessaa gargar bahu hin oolaan. Hunduu yeroo qaba. walargu, walbaruu, wal dhabuufi addaan bahuun yeroo qaba. Yeroo hunda fedhiin ilma namaa hin guutamtuu. Gargar bahuun hangam ulfaataa ta'ullee, filannoon biraa hinjirtu nama addaan bahan nagaatti jechuun dirqama. Olqabanis gad qabanis dhagaan quncee hin qabu. Weedduun kunis hanga fedhe of sossobuus yaada walii irraanfachuu garaan isaa sabruu yookiin obsuu akka hin dandeenye ibsa. Sossobanii oolaniis garaan yaada qabu sabbaruu akka hin dandeenye agarsiisa. Burjaanni hin dulloomu citee badu malee, ani si jalaa hin hafu du'ee badu malee. Weedduun kun yoomiyyuu taanaan abdii hin kutadhu; lubbuun yoo du'uu baatan akka wal argan agarsiisa.

Bara ammaa kana baay'inaan jiraachuu baatus namni Shuummoo mooyyee tumatu ni jiru. Maashinni midhaan daaku baay'achuun mooyyeefi dhagaa midhaan itti daakamu akka badaa deemu taasiseera.

Nyaanni meeshaa aadaa kanaan hojjatame ni mi'aawa, dhama qaba, ni sifaawa, dhibeewwan garaa keessa baay'een namarratti hin mul'atu ture, amma garuu baaburaan midhaan gubatee daakame dhibee garaagaraaf nama saaxilaa jira.

Dubartoonni lama ta'anii mooyyee tuman talaantala jedhama. Dubartoonni akka haala qabatamaa naannoo isaanitiin yeroo mooyyee tuman humna akka isaanif ta'u mooyyee fakkeessanii kan hojii hin jaalanne arrabsuun jabaa namaa faarsuun dubartii boosattiifi talisa namaa arrabsuun weeddisu.

'Sa mooyyeen maal na seete

Tan nyaattee hin dhugne na seete

Tan dhooftee hin baafne na seete' jechuun weeddisu.

***Kominikeeshinii Waajjira Magaalaa Cirootiin.***

Aadde Mabruka Naasir mana jireenyaa hulaa 2 Magaalaa Fu/Biraa Araddaa 02 keessaa qaban ballina $M^2$ 400 irratti argamu,Hajaraa Bakar Abdiitti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Fu/Biraa

Aadde Iteenash Alamuu mana jireenyaa hulaa 2 Magaalaa Fu/Biraa Araddaa 03 keessaa qaban, ballina $M^2$ 500 irratti argamu,Naasir Ahimad Mahaammaditti gurguradheera waan kjedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Fu/Biraa

## Iluu Abbaa Boor

Aadde Zinnaash Irressoo mana jireenyaa Magaalaa Mattuu Ganda Taboo keessaa qaban lakk.kaartaasaa 4675/03/2016 ta'e,tajaajila iddoo $R_2$, sadarkaa iddoo lafaa 2ffaa ta'e, ballina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu,Obbo Mabiraatuu Yaadataatti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Aadde Shaashituu Dibbeessaa mana jireenyaa balbala tokkoo ballina $M^2$ 200 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 580/WQHL/2017 ta'een jiru,Obbo Yohaannis Nagaashitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kana kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Mana Qopheessaa Guddattuu Magaalaa Bachoo.

Masjiida Leeqaa Aanaa Bachoo Magaalaa Leeqaa mana jireenyaa lakk.kaartaa 168/2016 ta'een galmaa'ee ballina $M^2$ 496.8 irratti argamu,Sheek Abdurahiim Sheek Kadiir Abbaa Zabanitti gurghuratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatuuf iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksiofni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Leeqaa

Obbo Addunyaa Taaddasee mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii Bilbilaa Ganda 01 keessaa qaban ballina $M^2$ 170 irratti argamu,Obbo Minagirow Sintaayyotti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Obbo Gazzahaanyi Ambisaa mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu keessaa qaban ballina $M^2$ 200 irratti argamu, Obbo Lijaalem Abbabaatti giurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Obbo Dassaalenyi Gabree mana jireenyaa balbala tokkoo ballina $M^2$ 300 irratti argamu Lakk.kaartaasaa 575/WQHL/2017 kan ta'e Obbo Mahaammad Xaahir Xayyibitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kana kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Mana Qopheessaa Guddattuu Magaalaa Bachoo

Obbo Jaafaar Abduu Magaalaa Laaloo mana jireenyaa balaba tokkoo ballina $M^2$110.5 irratti argamu, Lakk. Kaartaasaa 0312369 kan ta'e, Obbo Mabraatee Gizawotti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Diiduu.

Aadde wubee Damisseeffaa N-10 Magaalaa Gooree ganda Abbaa Morkaa kan ta'an mana jireenyaa maqaa Abbaa isaanii Damisse Dastaa Lakk.Kaartaa isaa WQL/4395/D/2017 lafaa $KM^2$ 907 ta'ee maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru dhaalaan gara maqaa Aadde Wubee Damisseffaatti jijjiirachuuf iyyannoo waan dhiyeefataniif,qaamni mormii yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa kasee guyyaa 20 gidduutti akka dhiyaatu ni beeksifna.Waajjira Qonnaa fi Lafaa Aanaa Aallee.

Obbo Haabib Suleman Magaalaa Gooree ganda Burqaa kan ta'an mana jireenyaa Lakk.Kaartaa isaa WL/3071/D/2015 lafaa 200k$M^2$ ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee Obbo Bulaa Fiqaaduutti jijjiirachuuf iyyannoo waan dhiyeefataniif,qaamni mormii yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa kasee guyyaa 20 gidduutti akka dhiyaatu ni beeksifna.Waajjira Qonnaa fi Lafaa Aanaa Aallee

Aadde Natsaanet Tsagaayee Magaalaa Gooree ganda Dirree Xiyyaara (03) kan ta'an mana jireenyaa Lakk. Kaartaa isaa WL/4366/N/2017 lafaa 400k$m^2$ ta'ee maqaa isaaniitiin galmaa'ee Obbo Naasiroo Taddasaatti jijjiirachuuf iyyannoo waan dhiyeefataniif,qaamni mormii yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa kasee guyyaa 20 (digdama) gidduutti akka dhiyaatu ni beeksifna.Waajjira Qonnaa fi Lafaa Aanaa Aallee

## Jimma

Kilaraa Awwal Magaalaa Aggaaroo Ganda Tamsaa Jiddaa keessaa kaartaa Warshaa Bunaa dhuunfaa lakk. isaa B-0685 ta'e,waan duraa badeef kaartaan birtaa hojjetamee akka kennamuuf iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aggaaroo

## Shawaa

**Obbo Zagayyee GeetAachootiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan W/A Inshuuraansii Itiyoo Laayiifii Jeneral fi himatamaa isin jidduu falmii siivilii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 27/01/2018 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qopheeffattanii dhihaattanii akka falmattan ibsaa ,kan hin dhihaanne yoo ta'e,mirgi deebii keessan barreeffamaan dhiheeffachuu bira darbamee dhimmichi bakka isin hin jiretti kan ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Adaamaa

Falmii Ha/Hawaasaa Oliyyattuu Aadde Tigisti Abashaafi Deebii Kennaa obbo Maammoo Habashaa fi Iyyataa Girmaa Dabalii jidduu jiru ilaalchisee Oliyyattuufi deebii kennaan iyyata iyyataan dhiyeeffate dhoorkaan mana jireenyaa kiyya irratti kenname akka naaf ka'u jedhanii waan iyyataniifi isin dhiyaattanii deebii keessan barreeffamaan beellama gaafa 13/01/2018 sa'aatii 5:00 irrratti akka kennitan murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggar

Obbo Geetaachoo Masfin Balaayineh qabeenyaa isaanii maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru qabsiisanii Baankii Hibrat Damee Istaadiyeemii irraa maallaqa liqeeffatan ragaa qabiyyee lafaa Lakk. Kaartaa isaa Sul/2494/03 kaaree meetira 400$M^2$ irratti argamu kaartaafi pilaanii manaa qabsiisee ittiin liqeeffate deebisuu waan hin dandeenyyeef Baankii Caalbaasiidhaan Obbo Mahaammad Isheetuu Mahaammaditti dabarsee waan gurgureef jijjiirraan maqaa akka raawwatuuf Baankiin xalayaa bareesseen gaafatee jira. Kanaafuu Nagahee mirriitii Lakk. isaa 2360541 kan ta'e maqaa Aadde Almaaz Jooteetiin galmaa'ee jiruufi Nagahee Lakk. isaa 23637003 kan ta'e maqaa Obbo Taaddasaa Shuumiitiin murameefi ashuuraa bittaafi gurgurtaan ittiin raawwate akkasumas saayit pilaanii iddoo agarsiisuu qabattanii guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 5(shan) keessatti akka dhiyaattan beeksisaa, dhiyaachuu baannaan jijjiirraa maqaa kana kan raawwanuuf ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Mana Abbichuu.

Obbo Heeyidar Kaliil kaartaafi pilaanii lakk.kaartaasaa L/3312/02/B4/P20 fi Lakk.Nagahee isaa 0565754 ta'e, Lakk.Galmee H-1309 kan ta'een galmaa'ee naaf kenname najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu idaadhaanis ta'e,haala birootiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate ragaan qabiyyee kaartaa biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Xuhirat Ahimad kaartaan iddoo mana jireenyaa Lakk.isaa M 303/96 kan ta'e, Magaalaa Mataaraa Ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennamee waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaa haaraa hojjennee bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bul/ Magaalaa Matahaaraa

Aadde Iteenash Tafarraa Kaartaa Lakk.isaa ቡ/ለ/ቀ/ A176-1716/84 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate yoo jiraatye beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu

Obbo Mangistuu Mokonnin Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Daabee Aanaa Hangaatuu keessatti ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 2843/94 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef badeera jedhanii iyyataniiru.kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate yoo jiraatye beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Daabee

Obbo Shallamaa Irgossaa Magaalaa Walisoo Ganda Ayeetuu keessatti ragaan mana jireenyaa kaartaa fi pilaanii Kaartaa Lakk.isaa W/1073/88 kan ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kaartaafi pilaanii manaa haaraa kan kenninuiuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo

Amiinaa Huseen Nagahee lakk.isaa 432510 ta'e,maqaa Aadde Dastaa Shawaa Molaatiin galmaa'ee jiru,waan jalaa badee kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu haala birootiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu

Aadde Zahaaraa Amiid Sayid Nagahee Lakk. isaa 1115504 ta'e,maqaa Aadde Misraaq Bayiitiin galmaa'ee jiru,waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu haala birootiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu beeksifna. Bulchiinsa Magaaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu

**Obbo Alamuu Gireetiif**
**Bakka jirtanitti**

Himattuun Aadde Mastuu Dibaabaafi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan 1ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 29/01/2017 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Walmaraa

Obbo T/Maariyaam Isxifaanoos Nagahee Mirriitii mana jireenyaa Lakk.isaa 2359590 fi Kaartaa Lakk. isaa OR03302555019 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa hojjennee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaaalaa Shaggaritti Waajjira Kaadastaraa Kutaa Magaalaa Mana Abbichuu

Aadde Husiniyaa Kamaal Kaartaa Lakk.isaa Bur/A-7105/2001 ta'e, maqaa Obbo Kamaal Adam Abdallaatiin galmaa'e kennameef waan jalaa badeef kan biraa akka kennamuuf gaafataniiru.kanaafuu haala birootiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

---

Aadde Abarraash Wayeessaa Magaalaa Waabarii Ganda 01 keessatti Nagaheen jijjiirraa maqaa Lakk. isaa 0817603, Lakk.isaa 699228 fi Lakk.isaa 699433 kan ta'e, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Mana Qopheessaa Waabarii.

---

**Qaxaramtoota dhaabbata Perfect jedhamu yoo jiraattan** Dhaabbanni Ejjensii Perfect jedhamu hojiif hojjetaa walqunnamsiisu /qulqullinma fi eeggumsa biqiltuu) irratti boba'ee hojjechuuf gaafa 21/04/2017 heyyama fudhataniiru.haa ta'u malee heyyama erga fudhatan booda hojiitti galuuf waajjira banatanii haal duree adda addaa qopheeffatanillee akka hojjechaa itti yaadanitti nama argachuu waan hin dandeenyeef hanga ammatti hojii keessa kan hin galee yoo ta'eellee Gibira Mootummaa Bara 2017 isaan irraa barbaachisu kaffalanii eeyyama isaanii deebisanii dhaabbatni isaanii cufameera.Kanaafuu namoonni dhaabbata kana keessatti qacaraman yoo jiraattan beksifni kun bahee gaafa 30/12/2017 hanga 08/01/2018 Keessatti dokmantii keessan akka fudhattan ni beeksifna. Waajjira Dhimmaa Hojjataafi Hawaasummaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu

---

Obbo Asiraat Hayiluu Magaalaa Adaamaa Aanaa Dhakaa Adii keessatti Kaartaa Lakk.isaa Dhu/ Ad/303/14 ta'een galmaa'ee beekkamu ragaan haadhoon (orjinaalli) mana galmee keessaa waan dhabameef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni galmee kana arge ykn sababa adda adddaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Dhakaa Adii

---

Aadde Zaynabaa Abbaamaccaa Nagahee Lakk.isaa 1122271 ta'e, Magaalaa Buraayyuu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo

---

Aadde Muluu Hordofaa Roobii Magaalaa Bishooftuu KMC Aanaa Arsadee dhaaltuu abbaa isaanii ta'uufi qabeenya lakk.kaartaa 10/4 fi lakk.manaa 642 ta'een galmaa'ee beekkamu gara maqaa isaanitti akka jijjiirramuuf iyyataniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti hjaa dhihaatu.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Calalaqaa

---

Aadde Sofiyaa Kadiir Magaalaa Adaamaa Aanaa Dh/Araraa keessatti Kaartaa Lakk.519/2003 ta'een galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru.kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate ragaan kaartaa kan biroo hojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa

---

Aadde Asteer Baqqalaa Gammadaa kaartaan mirkaneessa qabiyyee Lakk.isaa OR042031408023, Lakk.Galmee 23027570 ta'e,ballina $M^2$ 235.43 irratti Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu, waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru. Kanaafuu namni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaan mirkaneessa qabiyyee kan biraa bakka bu''ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Kaadastaraa Kutaa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhii.

---

Obbo Kidaannamaariyaam Abaayineh Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa qaban nagahee duraa lakk.isaa 110076 kan ta'e, maqaa Obbo Darajjee Taaffasaatiin galmaa'ee kennameef orjinaallisaa na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan duraanii akka badetti lakkaa'amee footoo kooppiin orjinaalaa kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaaritti Waajjira Kaadastaraa Kutaa Magaalaa Galaan

---

Aadde Kaasechi Malkaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa qaban nagahee duraa lakk.isaa 522853 kan ta'e, maqaa Obbo Baqqaalaa Caalaatiin galmaa'ee kennameef orjinaallisaa na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan duraanii akka badetti lakkaa'amee footoo kooppiin orjinaalaa kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaaritti Waajjira Kaadastaraa Kutaa Magaalaa Galaan

---

Aadde Asteer Fiqaaduu Bayyanaa Magaalaa Baatuu Ganda Malkaa Shalloo keessatti waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa iddoo mana jireenyaa kaartaa lakk.isaa 54/ባ/6926/2000 kan ta'e,waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru.kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Baatuu

---

M/Iyyataa 1ffaa Firaa'ool Hayiluu 2ffaa Ribiqaa Fayyisaa, M/Iyyataa 1ffaa Obbo Magraa Baqqalaa 2ffaa Obbo Almaayyoo Dammaqaa 3ffaa Aadde Bashaadduu Shaambal fi Waamamaa 1ffaa Waliin Werehouse Konsitraakshin PLC 2ffaa Mahaammad Abduu jidduu falmii jeequmsaa jiru ilaalchisee M/Iyyattoon kun mana murtii kanatti barbaadamuu keessan beektanii beellama gaafa 12/01/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa

---

Aadde Warqinaash Ragga'aa Magaalaa Amboo Ganda H/Ayeetuu keessatti qaban Kaartaa Lakk.isaa QTMQBMA/0012/05 ta'e, maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef orjinaallisaa waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Amboo

---

Obbo Tamasgeen Naggaa waraqaan waraqaa ragaa mirkaneessaa abbaa qabeenyummaa lafaa ykn kaartaa lakk.isaa CA/1881/08 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee Magaalaa Caancoo keessatti kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haaa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.yoo dhiyaachuu baate kaartaa kana biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Caancoo

---

Obbo Kabbadaa Daggafaa Magaalaa Walisoo Ganda Ejersa keessatti ragaan mana jireenyaa Kaartaa Lakk.isaa W/8663/12 ta'e, maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaa haaraan bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo

---

Obbo Mataasabiyaa Zarihuun qabeenyummaa isaanii kan ta'e, Konkolaataa Lakk.Gabateesaa 3-50342 OR kan ta'e, dabtarri abbaa qabeenyummaa libireen waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru.kanaafuu namni libiree kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.yoo dhiyaachuu baate libiree bada bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Ejjensii Geejjibaa Godina Shawaa Kibba Lixaa.

---

**Aadde Ababaa Taammiruutiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan obbo Fiqiruu Darajjeefi himatamtuu isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/02/2018 sa'aatii 5 :00 irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiheeffattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e, mirgi deebii keessan dhiheeffachuu bira darbamee dhimmichi bakka isn hin jirretti itti fufee kan ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Walmaraa

---

Obbo Jamaaladiin Masfin qabeenyummaa isaanii kan ta'e, Konkolaataa Doolfiin Lakk.Gabatee 3-90065 OR, Lakk.Shaansii JT121LK2200003975, Lakk.Mootoraa 2L-4339590 kan ta'e, dabtarri abbaa qabeenyummaa libireen waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni libiree kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. yoo dhiyaachuu baate libiree bada bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Abbaa Taayitaa Geejjibaa Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa.

---

# Wallagga

Obbo Bantii Mangashaa fi Lalisee Yoonaas mana daldalaa Magaalaa Qeebbee keessatti ballina $M^2$ 42 irratti argamu, Lakk.kaartaasaa 009/LMQ/15 ta'e, Faantaa Taaddasaatti gurguratanii maqaan akka jijjiirramuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebbee

---

Singitan Eebbisaa mana jireenyaa Magaalaa Qeebbee keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu, Lakk. Kaartaasaa 0140/LMQ/2017 ta'e, Baabboo Nagaraatti gurguratanii maqaan akka jijjiirramuuf gaafataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksuifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebbee

---

Aadde Lijaatuu Hayiluu mana daldalaa Magaalaa Haroo Sabbuu Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu, waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Kaartaa Lakk.isaa 135/MMLMHS/2009 kan ta'e, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaa haaraa kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa H/Sabbuu

---

Obbo Gammachiis Hiikaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Yaakkoo Alaltuu keessatti argamu lakk.kaartaasaa 4034/2014 ta'e,Obbo Wandimmuu Amaanu'eel Tasfaayeetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 kreessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

B/B Aadde Maartaa Fiqaaduu kan ta'an Obbo Masfin Dingataa kan jedhaman mana daldalaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Laaftoo keessatti maqaa Aadde Maartaa Fiqaaduutiin galmaa'ee ballina $M^2$ 19.74 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 13244/WIFLM/13 ta'e,bakka bu'iinsa qabaniin maqaa gara isaanii Obbo Masfin Dingataatti akka jijjiirramu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/ Doolloo

---

Obbo Fiqaaduu Yooseef mana jireenyaa Magaalaa D/ Doolloo Ganda Yaabaloo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 354 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 173602/WLEN ta'e, irraa qoodanii ballina $M^2$ 162 Obbo Kabaa Yoseefiif kennanii maqaa gara isaanitti akka jijjiirramu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!

## Muuxannoo

*Masarat Amanaa*

# Xiyyeeffannoo mootummaan barnootaaf kenneen firiin qormaata seensa dhaabbilee barnoota olaanoo naannichatti fooyya'aa dhufeera

Firiin qormaata biyyaalessaa kutaa 12ffaa bara barnootaa 2017 torban kana keessa bahuun ni yaadatama. Firii qormaataa gadhiifame kanaan walqabatee waantotni jajjabeessoo jechuun barattoota qaxaleefi akkasumas abdii egeree maatiifi biyyaa ta'uu akka danda'amu namatti mul'isu hedduun jira. Gama biraatiin immoo hojiin manaa bal'aan hojii baruufi barsiisuurratti hojjetamuu qabaatanis ni mul'atu.

Dhimma kanaan walqabatee Gaazexaan Kallacha Oromiyaa Sadarkaa Hoogganaa Itti Aanaatti Gorsaa Biiroo Barnoota Oromiyaa Obbo Efireem Tasammaa waliin turtii taasifte akka armaan gadiitti qindeessineerra. Xiyyeeffannoo mootummaan barnootaaf kenneen qabxiin qormaata seensa dhaabbilee barnoota olaanoo naannichatti fooyya'aa dhufeera jedhu Obbo efireem

Firiin qormaataa/bu'aan seensa dhaabbilee olaanoo/ bara 2017 ilaalchisee akka Naannoo Oromiyaattis ta'ee akka biyyaatti fooyya'insa agarsiisaa jiraachuu Obbo Efireem himaniiru. Kanaaf immoo jedhu Obbo Efireem waantotni lama murteessoo ta'an ilaaluun ni danda'ama. Kunneenis poolisii bulchinsa qormaataafi imaammata darbinsa barnootaati.

Kanajechuun barataan qormaatarra yerootaa'uakkamitti hojjechuu akka qabu, eessatti qoramuu akka qabu, eenyu qoruu akka qabuufi kanneen biroo askeessatti ilaalamu. Kanaan dura qormaata biyyaalessaa waliin walqabatee kan baratame barataan tokko mooraa mana barnootaasaarratti barsiistota isaafi kan biroon qoramaa tureera. Inni kunimmoo waantota aadmalee ta'an kan akka walirraa waraabuu,hatuu, axeeraraa qabachuufi kan kana fakkaataniif saaxilamoodha. Kunimmoo barataan qaxaleefi dadhabaa akka ifaajjee isaatti adda baasuun walqabatee gufuu ta'uu akkasumas adeemsa mootummaan lammilee ciccimoo horataa deemuuf carraaqaa jiruuf faallaadha. Kunimmoo jijjiiramuu akka qabaatu mootummaan hojjeteera jedhan.

Imaammata darbinsa barnootaan walqabatee akka addunyaattuu jedhu Obbo Efireem barataan tokko darbeera kan jedhamee kan beekamu yoo barnoota qorame keessaa dhibbantaa shantama (50%)fi isaa ol deebiseedha. Akka biyya keenyaattis imaammata haaraa kanaan barataan tokko darbeera kan jedhamu dhibbantaa shantama(50%) fi isaa ol yoo galmeessuu danda'eedha. Imaamatni kun jijjiirama guddaa fidee jira. Kanaanis waggoottan sadan darban keessaa ilaalchi kun guddachaa dhufeera. Barattoonni akkuma durii dhibbantaa digdama(20%) fidanii dhaabbilee barnootaa olaanoo galuun hafeera.

Kana waanta'eef waggoottan sadan darban kana keessaa barattoota kana fidan yookiin akka ifaajjeessaniin qabxii kana fidantu darbuu jalqabe jechuudha. Lakkoofsi barattoonni yuunivarsitii seenuu danda'an xiqqaachuun sababoota lamaan kanaan ta'uu Obbo Efireen ibsaniiru.




***Suurri: Kaalid Bashir (karaa bitaa) kan Saay. Uumamaan 591 fideefi Caalaa Garramaa (karaa mirga) Saay. Hawaasaarraa qormaata kutaa 12ffaa akka biyyaatti qabxii olaanaa galmeessan***

Akka Naannoo Oromiyaatti waggoottan lamaan dabran kana keessaa barattoonni qabxii seensa kana fiduu danda'an dabalaa dhufuu, kan kaasan Obbo Efireem bara duraa xiqqaa dabarsuu,bara lammaffaa dhibbantaa 3.5 dabarsuu danda'uufi barana barattootni idilee dhibbantaa 6.1 darbaniiru jedhan.

Barattoota idileen qoraman 192,607 qormaata kan fudhatan yommuu ta'u, kanneen keessaa barattootni 11,561ykn dhibbantaan 6.1 darbaniiru. Barattoota akka biyyaatti qormaata seensa dhaabbilee barnoota olaanoo fudhatan 585,882 keessaa kan dhibbantaa 50 fi isaa ol fidan 48929 dha.

Kana waliin yoo ilaalamu barattoonni Naannoo Oromiyaa barattoota biyyaa keessatti dhibbantaa 23.6 ykn barattoota yuunivarsiitii seenan dhibbantaa 100 keessaa barattoota 23.6 kan Oromiyaati jechuudha,

Bara 2014 keessa xiyyeeffannoo barnootaaf Kennee Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojjetaa tureen manni barumsaa bultii addaa 7, manni barumsaa addaa 41 hundaa'ee barattootni kun yeroo jalqabaaf qormaata kan bara 2017 qoramanii wagguma jalqabaan saayinsii uumamaanis ta'ee, saayinsii hawaasaan 1ffaa bahuun saala dhiiraanis ta'ee, dubaraan riikardii haaraa uumaniin firii buusaa deemuu agarsiisa.

Fakkeenyaaf Barataan Kaalid Bashir Hassan jedhamu Mana Barumsaa Bultii Addaa Dodolaarraa Saayinsii Uumamaan qabxii 591 fiduu danda'uu Baraataan Caalaa Garramaa Mana Barumsaa Bultii Addaa Amboorraa immoo saayinsii hawaasaan qabxii 562 qabmeessisuu danda'uufi gama dubartootaanis akka biyyaattuu Barattuun Gannat Margaa Gishuu jedhamtu Mana Barumsaa Bultii Addaa Dodolaarraa irraa qabxii 579 fiduu danda'aniiru. Walumaa galatti akka Naannoo Oromiyaatti barattootni 794 qabxii 500fi isaa ol galmeessisuu dandaniiru.

Manneen barbootaa bultii addaa WMO dabalatee hunduu barattootasaanii dabarsaniiru. Manneen barnootaa addaa 11 gara dhibbantaa 100 dabarsaniiru.

Manni barumsaa dhuunfaa Beetel Magaalaa Naqamteerraa hunda dabarseera.

Kun kan agarsiisu waliigala fooyya'insa qabxii barattoot6a Naannoo Oromiyaa dabaluu agarsiisuu Obbo Efireem himaniiru.

Akka Naannoo Oromiyaatti ragaa hanga fulbaana7, 2018tti jiruun manneen barnootaa 20 ta'an barattootasaanii dhibbantaa 100 kan dabarsan yommuu ta'u Manneen barnoota 500 olimmoo barattootasaanii tokkollee hin dabarsine. Kunimmoo hojii bal'aan barnootarratti hojjetamuu akka qabu agarsiistuudha. Waanti hubatamuu qabaatu hojiin barnootaa kan qaama ykn seektera tokkoof qofa kennamu osoo hin taane dhimmamtootni, qooda fudhattootni fi maatii barattoota hunda kan ilaallatuudha.

Obbo Efireemis dhimmi barnootaarratti kan hin hojjedhu ykn na hin ilaallatu jedhu hin jiru jedhanii, kanaaf adeemsa mootummaan qulqullina barnootaa mirkaneessuuf socho'aa jiru keessatti qaamni hunduu shoorasaa bahachuu akka qabu eeraniiru. Keessattu waggootan muraasaa asitti Mootummaan Naannoo Oromiyaa karaa kenna tajaajilaanis tattaaffiin inni seektera kanarratti hojjechaa jiru guddaa dha. Koreen Tiraansfoormeeshinii barnootaas sadarkaa naannoo hanga gandaatti karaa qindaa'een hojiin hojjetaa jiru bu'aa agarsiisaa jiraachuu eerameera.

Walumaa galatti barnoonni dhimma murteessummaa egeree waan ta'eef gaheen hundaa akka jiru ta'ee caasaan barnootaa ,mootummaan,maatiin barattootaa, hayyuu Oromoon hojii guddaan hojjetamuu qaba jedhaniiru.

# Dinagdee

*Hizqi'eel Tashoomaa*

# Inisheetivii misooma Baala Shaayii Oromiyaa akka oomisha gabaa tarsiima'aatti

Mootummaan Naannoo Oromiyaa Inisheetivii misooma baala shaayii, oomisha gabaa tarsiima'aa (strategic cash crop) akka naannootti babaldhisaa jiru keessaa isa tokko. Naannoon Oromiyaa oomisha gabaa giddugaleessaafi al-ergii kanaaf haala mijataa qabaatus, hanga bara 2013'tti, uwwisni oomisha baala shaayii akkuma biyyaattuu ture, hekt. 4,000 kan hincaalle ture. Akka naannichaatti dhaabbata dhuunfaa tokkoofi maasii qonnaan bulaa hekt. 100 hincaalle irratti kan daanga'e ture. Oomishtummaan ture gadi bu'aa yoo ta'u, hekt. tokko irraa oomishni argamaa ture kg 1,000 gadi ture. Akkasumas, qulqullinaa gadi aanaa, 'istandardii' al-ergiif kan hin madaalleefi gabaa giddugaleessaa irrattis gatii rakasaan ykn bushaa'aan gurguramaa ture.

Mootummaan Jijjiiramaa Naannoo Oromiyaa, galmoota isaa kanniin akka damdaneessummaa dinagdee, keessumaa gosoota oomishaalee al-ergii daneessuun hirkattummaa muraasaa (fkn, bunaa) hirdhisuu, gabeessummaa qonnaa baldhisuu, darbees badhaadhina maatii mirkaneessuu fiixaan baasuuf, dilbii akka kana misoomsuun murteessaa ta'uu hubachuun hojii inisheetiivii baala shaayii kana hojjechuu eegale.

Mootummaan naannoo Oromiyaa , bara 2013 Labsii Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Alleetti eegalameen inisheetivii baala shaayii kan ifoomse yoo ta'u, marsaa duraatiin qofa uwwisa lafaa gara hekt. kuma 30'tti, oomishtummaa giddugaleessa idil-addunyaatti (hekt'n kg 2,000'tti), akkasumas qulqullina 'istaandaardii' fedhii al-ergii olguddisuuf sadarkaa hoggansa olaanatti xiyyeeffannoo kennuun socho'uu irratti argama. Uwwisa lafaatiin walqabatee, dilbii olaanaa akka naannootti jirtuun, marsaa lammaffaa irratti dachaadhaa oliin (hekt. kuma 60 olitti) guddisuuf galma tarsiima'aa qabatee hojjechaa jira.

**Kallattii Imaammataafi Gahee Qooda Fudhatootaa**

Mootummaan naannichaa , uwwisa lafaa dabaluu, hidhata gabaa uumuu, sona dabaluu, kalaqa jajjabeessuu, oomishtummaafi qulqullina guddisuu irratti imaammata, tarsiimoofi karoora ifa ta'e qabatee raawwachaa jira.

Hojilee uwwisa lafaa dabaluu irratti raawwatamaa jiran keessaa inni tokko, qonnaan bultoonni inisheetiivii baala shaayii fudhatanii kilaasteraan akka misoomsan jajjabeessudha. Kanas, mootummaan galteewwan akka biqiltuu dhiyeessuu, leenjii ogummaa kennuufi deggarsa teekinikaa taasisuun milkeessaa jira. Jalqabarraa eegalee, biqiltuun baala shaayii waggaadha gara waggaatti qophaa'ee qotee bulaaf raabsamu daran dabalaa jira. Bara kana qofa, biqilaa mil. 100 ol qopheessuun deggarsa ogummaan deggaruun qotee bulaaf raabsuu irratti argama.

Dhaabbilee dhuunfaaf haala hawwataafi mijataa uumuun baldhinaan gara inisheetivii kanaatti akka galan taasifamaa jira. Kanaan dura misoomni baala shaayii naannoo keenyaa dhaabbata dhuunfaa tokko qofa hirmaachisaa kan ture , yeroo ammaa sochiilee mootummaan naannoo Oromiyaa gama kanaan taasisaa jiruun, dhaabbileen invastimantii gara misooma kanatti galuu irratti argamu.

Sochiin kun adeemsarra darbee, bu'aa qabatamaas argamsiisuu irratti argama. Fknf, bara 2016 hanga 2017 gidduutti qofa, ammantaa (volume) al-ergii shaayii



biyya keenyaa %35, sharafa (USD) argamus %17'n akka guddatu gochuun danda'ameera.

Hojiileen biroo, hidhata gabaafi sona dabaluu irratti kan raawwatamaa jiranidha. Mootummaan kaayyoo kana galmaan gahuuf, Walta'iinsa Mootummaafi Dhuunfaa (PPP) warshaalee omisha baala shaayii simatanii kurfeessan uumuu danda'eera. Bu'uuruma kanaan, Horata Mootuumma Naannoo Oromiyaa kan ta'e, 'Oro Agri-Investment Group'fi dhaabbanni dhunfaa "MIDROC Investment Group" walta'iinsaan warshaalee omisha baala shaayii simatanii kurfeessan torba dhaabuuf waliigaluun hojiitti galaniiru.

Dabalataanis, mootummaan qonnaan bultoota misooma shaayii keessa jiran, qusannaa, liqiifi investimentiin deeggaruun, waldaan ijaaramanii warshaalee dhaabuutti akka ce'an, tarsiimoo dandeessisoo qabatee socho'aa jira. Warshaaleen walta'iinsaas ta'ee waldaa qonnaan bultootaa naannawa omishaatti, KM 20 walirraa fagaachuun kan dhaabbatan ta'a. Kuni, qonnaan bultoonni yaaddoo gabaa tokko malee, inisheetivicha akka babaldhisan kan onnachiisu, darbees sona dabaluutti akka seenan kan dandeessisu ta'a.

Qoodattoonni biroo mootummaan irratti hojjechaa jiru, oomishtummaafi qulqullinaan kan walqabatanidha. Akkuma beekamu, misoomni shaayii xiyyeeffannoo qorannoo qonnaa hin turre. Mootummaan Naannoo Oromiyaa, hanqina xiyyeeffannoo kana furuuf, dhaabbilee qorannoo akka Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa Itiyoophiyaa (EIAR), yuunvarsiitiiwwan naannoo keenya keessatti argaman, addatti ammoo Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa Oromiyaa (IQQO) waliin hojjechuurratti argama. Kanaanis, sadarkaa qulqullinaafi al-ergii biyyaalessaa kaa'uu, qorannoofi leenjii babaldhisuu, teeknoolojii misoomsuufi babaldhisuurratti jijjiiramni qabatamaan argamaa jira.

Akkasumas, abbootii qabeenyaa dhuunfaa, hoggantootaa sektaraaleefi godinaalee, ogeesootaafi qooda fudhatootaa garagaraa, biyya Keeniyaatti erguun, eksiteenshinii, teeknoolojii, hidhata gabaafi warshaa shaayii irratti, muuxannoo bara dheeraa biyyichaa akka qooddatan taasiseera.

Hojii hanga ammaatiin oomishtummaa keenya, gamanumaa hekt'n gara kg 1500'tti siiqsaa jirra. Dabalataanis, hanqinaalee "fasiliitiiwwan" kurfeessa shaayii, bu'uuraalee misooma baadiyyaa, oomishtummaafi itti fufiinsa dhabuu qulqullinaa, babaldhina inisheetivii kanaatti gufuu ta'an furuu irratti argama.

**Ce'uumsa dinagdee naannawaafi hawaasummaa**

Akka oomisha gabaa tarsiima'aatti, inisheetiviin baala shaayii, ogummaa dhaweessummaa ijaaruu, leenjii dargaggootaa babaldhisuu, carraa hojii oyiruufi oyiruun-alaa umuufi kkf'niin, dinagdeefi hawaasummaa baadiyyaa kan ceesisuudha. Inisheetiviin kun, marsaa duraa (hekt. kuma 30) qofaan, qonnaan bultoota kuma 15 ol kallattiin gara misooma kanaatti kan fidu ta'a. Akkasumas, carraa hojii kallattiifi alkallattii dhaabbataa kuma 55'tti dhiyaatu kan uumufi madda galii (sharafa alaa dabalatee) maatii baadiyyaa kan baldhisuudha.

Keessumaa, cancala sonaa waan uumuuf, intarpiraayizoonni xixiqqaa, hojiilee (oyiruun alaa) akka dhiyeessii meeshaalee; xaa'oofi galtee buufata biqiltuu; geejjiba, "Packaging", "branding"fi raabsa irratti bobba'uuf carraa kan argamsiisufidha. Warshaaleefi intarpiraayizoota jajjabeessuun, misooma dinagdee baadiyyaa indastiriin kan walitti hidhuudha. Akka waliigalaattis, daneessummaa omishaalee gabaa dabaluun, hirkattummaa gos-tokkee nihir'isa; dandeettii dandamannaa niguddisa. Imalli kun, adadaan dargaggootaafi dubartoota, darbees hawaasa baadiyyaa Oromiyaa ce'uumsa hawaasummaa keessa kan galchudha.

Dhumarrattis jedhan Obbo Shimallis baarreffama fuula miidiyaa haawaasaa isaanii irratti ibsa kennaniin ;-galma yeroo gabaabaa keessatti milkeessinee agarsiifnu ifoomsuun barbaada. Mootummaan Naannoo Oromiyaa, waldaa qonnaan bultoota kurfeessa baala shaayii keessa galaniif paakeejii leenjii ogummaa gara al-ergiitti isaan ceesisu qopheessera; yeroo dhihoo keessatti, "Biraandonni" 'Shaayee Hoobee' (Hobe Tea)', 'Shaayee Cooraa', (Chora Tea), 'Shayee Gafaree' (Gefere

Tea) walduraa duubaan maqaa kilaastaroota shaayii Godinaalee Iluu Abbaa Booraa, Bunnoo Baddalleefi Jimmaa jiran keessaa sadiin moggaafaman gabaa idil-addunyaa irratti kan argitan ta'a. Carraa kanaan, hoggansiifi caasaan mootummaa dhimmichi ilaallatu, omisha irraa eegalee hanga hidhata dhaabbilee bittaa idil-addunyaa uumuutti, kutannoo olaanaan akka socho'u asumaan hubachiisuun barbaada Jedhaniiru.

**Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!**

B/B 2ffaa Aadde Adaanech Insarmuu kan ta'an Obbo Iddiluu Abboomaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Yabaloo keessatti maqaa Aadde Adaanech Insarmuun galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 866/B/I/96 ta'e,bakka bu'iinsa qabaniin maqaa gara isaanii Obbo Iddiluu Abboomaatti akka jijjiirramu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta'uu nbeeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Obbo Naggasoo Gammachuu Dhinsaa mana jirteenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Yaakkoo Alaltuu keessatti argamu.lakk,kaartaasaa 3421/2016 kan ta'e,Obbo Geetachoo Darajjee Magarsaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraatye beeksifni kun nahjee guyyaa 20 keessattyi hjaa dhihaartu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Amanuu Dirribaa Kabaa ragaan mana jireenyaa ,Magaalaa Najjoo Ganda D/B keessaa qaban waan najalaa badeef haaraan naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifnmi kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Malkaamuu Yaadasaa Bantii mana jirteenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Qotaa Najjoo keessatti argamu. lakk,kaartaasaa OR027010304028 kan ta'e,Obbo Jaallataa Birhaanuu Mo'aasitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraatye beeksifni kun nahjee guyyaa 20 keessatti haa dhihaartu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Dastaa Baayyataa, Mareemaa Dabalaa, Amiinaa Dabalaa, Naasir Dabalaa Musxafaa Dabalaa, Mahaammad Dabalaa, Keeriyaa Dabalaafi Kadiir Dabalaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 04 keessatti ballina $M^2$ 500 irratti argamu, Lakk.kaartaasaa K/436/05/88 ta'e, maqaa abbaa isaanii Obbo Dabalaa Wayyeessaatiin galmaa'e, dhaaltummaa mana murtiin mirkaneeffataniin kaartaa orjinaalli waan nu jalaa badeef haaraan nuuf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jitraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

---

Obbo Dabalaa Immaanaa fi Aadde Masarat Hirkisaa mana jireenyaa Magaalaa Magaalaa Bubbee Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 1083/BMB/2017 ta'e,Obbo Tasfaayee Baabuufi Shittaayee Mitikuutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Noolee Kaabbaa

---

Obbo Biraanuu G/Yesuus mana jireenyaa Magaalaa Magaalaa Bubbee Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 1085/BMB/2017 ta'e,Obbo Misgaanuu Yaadataafi Aadde Tigistee Waaqgaariitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Noolee Kaabbaa

---

Obbo Sanyii Guutamaa mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk. isaa 7026 fi lakk.kaartaasaa Bul/M/Gullisoo 1304/2013 ta'e,Aadde Alamii Alamaayyootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti jhaa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magalaa Gullisoo

---

Obbo Roobeeraa Baqqalaa Warqee mana jireenyaa Magaalaa Naqamtyee Kutaa Bulchiinsa Calalaqaa Ganda 03 keessatti ballina $M^2$ 140.81 irratti argamu,ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaasaa lakk. isaa ETH000010294523, lakk.galmee appReg206845 kan ta'e, waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraatye beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaan haaraan kan kennamuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

---

Aadde Tiggee Tsaggaa Alam mana jireenyaa Magaalaa Innaangoo Ganda 02keessaa qaban lakk.isaa 1402 ta'e,Obbo Gammachiis Mangashaatti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo

---

Obbo Abbabee Musee mana Magaalaa Aayiraa Ganda 02 keessaa qaban, lakk.isaa 14/1/90 fi lakk. kaartaasaa 13491/WBIFLMA ta'e, Tolasaa Indaaluutti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kuin bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Obbo Waaqjiraa Beekumaa mana Magaalaa Aayiraa Ganda 02 keessaa qaban, lakk.isaa 2457/08 ta'e, Malkaamuu Mulugeetaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kuin bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Obbo Dirribaa Taaddasaa mana Magaalaa Aayiraa Ganda 02 keessaa qaban, lakk.isaa 0267 fi lakk. kaartaasaa 516/WBIFLMA ta'e, Lammeessaa Sanbataatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kuin bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Obbo Ifaa Mokonnon mana Magaalaa Aayiraa Ganda 02 keessaa qaban, lakk.isaa 05601/2017 fi lakk. kaartaasaa 90027/WBIFLMA ta'e, Obbo Qabbanaa Mulaatuutti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Obbo Alamaayyoo Qana'aa mana Magaalaa Aayiraa Ganda 02 keessaa qaban, lakk.isaa 0232/2011 fi lakk. kaartaasaa 1849/WBIFLMA ta'e,Abdii Geetaahunitti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kuin bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Aadde Yashii Mulawuu mana Magaalaa Aayiraa Ganda 01 keessaa qaban, lakk.isaa 03259 fi lakk.kaartaasaa 1493/WLMA ta'e, Guyyaasaa Takkaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Obbo Jamaal Aliyyii mana Magaalaa Guddattuu Boondawoo keessaa qaban, lakk.isaa 332 ta'e, Mitikkuu Amanuutti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Aadde Hawwaa Abduu mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Bakke Jama Ganda 06 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu,ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaasaa lakk.isaa 8976/WLMN/15 kan ta'e waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaan haaraan kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

---

Obbo Abarraa Waaqshuumaa mana jireenyaa Magaalaa Jiituu Ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartaasaa 830/WLMI/2017 ta'e,gurguranii maqaan akka jijjiiramu gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Jiituu

---

Aadde Tigist Taaffasee mana jireenyaa Magaalaa Bubbee Ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartaasaa 1082/BMB/2017 kan ta'e,ballina $M^2$ 200 irratti argamu,Obbo Maabraatee Asfaawuufi Zinnaayee Abarraatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Qonnaafi Lafaa Aanaa Noolee Kaabbaa

---

Aadde Asnaaqech Hayilee faa N-5 pilaaniin mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Bulchiinsa Burqaa Jaatoo Ganda 07 keessatti maqaa du'aa Dhiyaanaa Galataan galmaa'ee kennameef nu jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate haaraan hojjetamee kan bakka bu'uuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

---

**Sirreessaa**

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa lakk.42 Hagayya 22.Bara 2017 maxxanfamee baherratti Wallaggaa jalatti beeksifni Obbo Qixxeessaa Bulchaa Aandiifi Aadde Boontuu Gaarii Amoosaa baasifatan irratti Obbo Suraa Ittichaa Dheeressatti gurguratan kan jedhu dogoggora waan ta'eef Obbo Dassaalenyi Tamasgeen Galataatti jedhamee sirratee haa dubbifamu.

---

Obbo Darajjee Dhibbisaa fi Aadde Taarikee Hambisaa mana jireenyaa Magaalaa Bubbee Ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartaasaa 1063/BMB/2017 kan ta'e,ballina $M^2$ 200 irratti argamu,Obbo Muusaa Kabbadeetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Qonnaafi Lafaa Aanaa Noolee Kaabbaa

---

Aadde Caaltuu Haabtamuu mana jireenyaa Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban lakk.isaa 1219 ta'e,Caaltuu Haabtaamuutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Obbo Mokoonon Abushuu mana jireenyaa Magaalaa Mandii Ganda 04 keessatti ballina $M^2$ 400 irratti argamu,lakk.kaartaasaa MJ/125/2015 kan ta'e,Aadde Shaafee Bulchaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kiun bahee guyya 20 keessatti yoo dhihaachuu gurgurtaan kan raawwatu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

---

Obbo Habtee Nagarii mana jireenyaa Magaalaa Mandii Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 290 irratti argamu,lakk. kaartaasaa MJ/3183/2017 kan ta'e,Aadde Hayimaanoot Waldeetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kiun bahee guyya 20 keessatti yoo dhihaachuu gurgurtaan kan raawwatu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

Aadde Ayyaantuu Shifarraa mana jireenyaa Magaalaa Mandii Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 357 irratti argamu,lakk.kaartaasaa MJ/977/2016 kan ta'e,Taarikuu Nagaraatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyya 20 keessatti yoo dhihaachuu gurgurtaan kan raawwatu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

---

Obbo Mahaammad Sayid Najii fi Aadde Caaltuu Abdiisaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 03 keessatti ballina $M^2$ 320.99 irratti argamu, lakk. kaartaasaa ETH000010295470 kan ta'e,gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif gara maqaa nama bitatee Obbo Silashii Balaayi Guddinaatti otuu hin jijjiirramin kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

---

Aadde Caaltuu W/Sanbat Birriifi Obbo Asaffaa Dhinsaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 81 irratti argamu, lakk.kaartaasaa ETH000010295896 kan ta'e,gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif gara maqaa nama bitatee Obbo Tasfaayee Kitilaatti otuu hin jijjiirramin kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

---

Miliyoon Bayyanee mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban lakk,kaartaasaa WBIFLMB/603/04/017 kan ta'e,Haannaa Tafariitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

Miliyoon mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban lakk,kaartaasaa WBIFLMB/585/04/014 kan ta'e,Haannaa Tafaritti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

---

Dhaaltoota Bayyanaa Disaasaa N-8 kan ta'an mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Doolloo keessatti ballina $M^2$ 200 irratti maqaa Obbo Bayyanaa Disaasaan galmaa'ee argamu,dhaaltummaa mirkaneeffataniin maqaa gara isaanii Raahel Bayyanaa, Shittaayee Bayyanaa , Almaaz Bayyanaa , Burtukaan Bayyanaa fi Jootee Bayyanaatti akka jijjiirramuuf iyyataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Obbo Maarqoos Karruu mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu, lakk.kaartaasaa M/Q/M/Gul/1484/2014 kan ta'e, Obbo Mitikkuu Dheeressaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo

---

Aadde Tsiyoon Taayyee mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 53/IFLM/2017 kan ta'e,Obbo Tamasgeen Abdiisaatti gurguratanii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo

---

**Sirreessaa**

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa lakk.41 Hagayya 15.Bara 2017 maxxanfamee baherratti Wallaggaa jalatti beeksisa Obbo Tsaggayee Lammiifi Aadde Muluu Xilaahun baasifatan irratti Obbo Mangashaa Masgabuu Bulchaatti gurgurachuu waan barbaadankiif kan jedhu dogoggora waan ta'eef Obbo Miizanuu Abaateetti jedhamee sirratee haa dubbifamu.

---

Obbo Ibsaa Jeenoo mana jireenyaa Magaalaa Mandii Ganda 03 keessatti ballina $M^2$ 400 lakk.kaartaasaa MNJ/231/2013 ta'e, Obbo Mitikkuu Baayisaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

---

Obbo Gammachuu Ittafaa Magaalaa Najjoo Ganda A.A kaartaa orjinaalli lakk.isaa 540/2008 ta'e,waan na jalaa badeef haaraan naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiinj qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Balaay Mokonnin Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa mana maqaan isaaniitiin galmaa'ee jiru Lakk.kaartaa isaa ------ ta'e lafa bal'inni isaa 125.6$M^2$ irratti ijaaramee argamu Obbo Yoonaas Gabbisaatti gurguradheen jira jedhanii iyyannoofi walii galtee isaanii walqabsiisaanii waajjira keenyaatti waan dhiyeessaniif akkaataa labsii lizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin osoo gara maqaa isaaniitti hin jijjiriin dura kan mormu yoo jiraate beekisfni kun bahee hanga guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo

---

Obbo Galatii Ayyaanaa mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee kutaa Bulchiinsa Calalaqii ganda 03 keessatti argamu ragaa abbaa qabiyyummaa Lakk.kaartaa 314/2001 ta'e galmaa'ee na kenname Orjiinaalaasaa na jalaa waan badeef kan biro bakka bu'ee akka naaf kennamu jechuun iyyataniiru.kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabaate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

---

Obbo Toleeraa Dhalataa mana Magaalaa Yuubdoo ganda 02 keessatti argamu Lakk.isaa -- ta'e Obbo Waaqtolaa Kabbadaatti gurgurachuu waan barbaadaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waaj/M/M/Qoph/Magaalaa Yuubdoo.

---

Aadde Taaffasech Tamaam mana Magaalaa Jiituu Ganda 02 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu,lakk.kaartaasaa 658/WLMJ/2016 ta'e,gara Obbo Firoomsaa Taammiruu Gammadaatti akka jijjiiramu iyyataniiru.Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Jiituu.

---

Aadde Tirfii Moosisaa mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 67/IFLM/2017 kan ta'e,Aadde Lelisee Taaddasaatti gurguratanii waan jiraniif maqaan akka jijjiirramu gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo.

---

Obbo Alamuu Abboosee mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 64/IFLM/2017 kan ta'e,Obbo Waaqoo Sooriitti gurguratanii waan jiraniif maqaan akka jijjiirramu gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo

---

Obbo Magarsaa Waaggaarii mana daldalaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Dargee Ganda 03 keessatti ballina $M^2$ 2O0 irratti argamu ,waraqaan ragaa abba qabeenyummaakaartaa lakk.isaa 449/KW/90 ta'een galmaa'ee beekkamu,orjinaalli waan najalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

---

Aadde Waaggituu Injiguu mana jireenyaa Magaalaa Qeebbee Zoonii G/Galeessaa keessaa ballina $M^2$ 300 irratti maqaa du'aa Abbaa warraa isaanii Obbo Gammachuu Iddoosaatiin galmaa'ee jiru,manni murtiitiin bulchituufi guddistuu ijoollee ta'uu waan mirkaneeffataniif maqaan gara isaanitti akka jijjiiramuuf iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebbee

---

Aadde Likkituu Nagarii mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Qassoo Ganda 05 keessatti ballina $M^2$ 300 irratti argamu ,waraqaan ragaa abba qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 6885/W BIFLMN/14 kan ta'e kaartaa orjinaallisaa waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

---

B/B Obbo Shoxaa Aagaa kan ta'an Obbo Amaanu'eel Asfaahuu fi Aadde Tigist Qixxeessaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Yabaloo keessatti maqaa Obbo Shoxaa Aagaatiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 13304/WBIFLM/2014 ta'e, Aadde Shiitaayee Saddeetaatti gurguranii maqaan akka jijjiirramuuf gaafataniiru,kanaafuu kan mormu yoo jirate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

B/B Obbo Wandimmaagenyi Birhaanuu Gammachuu kan ta'an Obbo Dheeressaa Daggafaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Laaftoo keessatti maqaa Obbo Wandimmuu Birhaanuutiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk. kaartaasaa 16266/WLEN/2017 ta'e, Aadde Ayyaanee Ittafaatti gurguranii maqaan akka jijjiirramuuf gaafataniiru,kanaafuu kan mormu yoo jirate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Bakka Bu'aa Obbo Geetaachoo Yooseef kan ta'an Obbo Dirribaa Yooseef kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Biiftuu keessatti maqaa Obbo Geetaachoo Yooseefiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu, lakk.kaartaasaa 7491/WMMLM/09 ta'e,Obbo Taadiyoos Yooseefitti gurguratanii maqaa gara bitataatti akka jijjiirramuuf iyyataniiru ,kanaafuu kan mormu yoo jirate beeksifni kun bnahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Dhaaltoota Abbaa isaanii Obbo Dinqaa Battal Waddoofi haadha isaanii Aadde Sannaayit Bulaa Mandiidaafaa N-5 kan ta'an ,Obbo Daani'eel Dinqaa, Obbo Taaddasee Dinqaa , Obbo Jootee Dinqaa , Aadde Saaraa Dinqaa fi Obbo Roobeeraa Dinqaa kan ta'an ,mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda laaftoo keessatti maqaa haadha isaanii Aadde Sannaayit Bulaan galmaa'ee ballina $M^2$ 495 irratti argamu,lakk. kaartaasaa Bul/Laf/3829/2001 ta'e,dhaaltummaa mana murtiin mirkaneeffataniin faayilli gara maqaa dhaaltootatti akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

Aadde Diinagdee Gamshuula mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal'ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/01/642/2017 ta'e Aadde Ayyaantuu Mulunaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

---

Aadde Nagaashee Tafarraa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal'ina lafaa 118m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/01/640/2017 ta'e Obbo Duulaa Bafiqaaduutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii

---

Obbo Taarikuu Dhinaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal'ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/01/342/2016 ta'e Obbo Wangeeluu Mikaa`elitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

---

Obbo Taarikuu Dhinaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal'ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/01/159/2015 ta'e Obbo Wangeeluu Mikaa`elitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba'ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

---

Obbo Samu'el Tarrafee Magaalaa Goorii ganda 02 keessa mana Lakk.------ ta'e lafaa kaaree meetira 2562$M^2$ irratti argamu Aadde Eebbisee Dinagdee, Hambisaa Fiqaaduu, Gammichis Amasuu fi Mulgeetaa Kabbadaaffaatti gurgurachuu waan barbaadaniif,kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu ni beeksifna.Waajiraa Lafaa Magaalaa Goorii

---

Mana Bataskaanaa Warra Qulqulluu Maariyaamii Lakk.isaa 68 kan ta'e,Magaalaa Boondawoo keessaa qaban Suutumaa Waaqjiraatiif kennaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jioraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Boondawoo

Seeraafi Haqa

*Taammanaa Gammadaa*

# Raawwii karoora hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa bara 2017

*(Kan darberraa kan itti fufe)*

**Raawwii gama dantaa hariiroo hawaasaa kabachiisuufi hojiirra oolmaa seeraa mirkaneessuu**

**-Dhimmota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaafi ummataa ilaalchisee**

Hojiin dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa ummataafi mootummaa hojjetamu bifuma walfakkaatuun kan harca'uufi qabeenyi qisaasa'ee hin deebisiifamu yoo ta'e ykn mootummaan himatamee kan itti murtaa'u yoo ta'eefi dhimmi Abbaan alangaa hordofaa jiru harca'ee kan adda citu yoo ta'e, hojiin hojjetame jiraatus bu'aan barbaadamu hanga hin milkoofnetti ummata biraa amantaa horachuun waan hin danda'amneef hojiileen hojjetamanii kaayyoo hojjatamaniif hin milkoofne bu'aqabeessa akka hin taanetti yaadama waan ta'eef bu'aqabeessummaan hojiilee haala addaan karoorfamaniiru.

– **Qabeenya ummataa qisaasa'e himannaan ala gorsaan/mariin deebi'e**

Maloota dantaa hariiroo hawaasaa ummataaf mootummaa kabachiisuuf biirichi hojiirra oolchu keessaa kan jalqabaa osoo gara himannaatti hin deemiin dura namoota qabeenyi mootummaa harka jiru gorsuun deebisiisuudha. Kunis liqiiwwan adda addaa mootummaan mijeessee hin deebine, bu'aa odiitiin qabeenya qisaasa'eefi kkf kan dabalatudha. Haaluma kanaan barri kun bara itti qabeenya mootummaa deebisiisuuf xiyyeeffannoo addaan hojjetamaa ture yommuu ta'u kanuma milkeessuuf dhimmi qabeenya harca'e deebisiisuu sadarkaa hundatti ajandaa hoggansaa akka ta'uufis mariin hoggansa olaanoo waliinillee irra deddeebiin geggeeffamaa tureera. Keessumaayyuu sektaroota qabeenya bal'aa sochoosan kan akka Biiroo Maallaqaa, Biiroo Galiiwwanii, Biiroo Bishaaniifi Inarjii, Odiitara Muummichaa, Baankii Siinqee, Biiroo Fayyaafi kkf waliin waltajjii dhimma kanarratti xiyyeeffatu ummachuun qindoominaan hojjetamaa tureera.

Haaluma kanaan qisaasama maallaqaa Baankii Siinqee qarshii Biliyoona 4, Ejensii Babal'ina Waldaa Hojii Gamtaa Oromiyaarraa maallaqa caallaa guddiftuu osoo hin deebi'iin jiru qarshii biliyoona 6.6 irra jiruufi Manni Hojii Odiitara Muummichaarraa argannoo odiitii bara 2010 hanga bara 2015tti kan jiru sanadaan kan sirratu qarshii 19,958,138,777fi qarshiin kan deebi'u qarshii 2,904,823,983 walitti qabuun Godinaalee dhimmi ilaaluuf erguun akka qindoomnaan hojjetan deebisiisan kallattii kennineefirratti hojjetamaa jira. Manneen hojii argannoon odiitii kun irratti argamu 48 adda basuun yeroon kan qarshiin deebi'uu akka qarshii deebisaniifi kan sanadni sirrachuu qabus sanadaan akka hanga Amajjii 30 bara 2017tti sirreessisan xalayaan barraa'ee hogganaa Biirootiin mallattaa'ee ergameefii jira. Haala kanaan sadarkaa naannootti argannoo odiitii adda bahee dhiyaate keessaa kan qarshiinii 1,039,693,763.59 kan deebi'eefi qarshiin 4,841,584,518.06 sanadaan akka sirreeffamu taasifamee jira. Hojiin kunis akkaataa barbaadamuun akka hojjetamuuf Mana Hojii Odiitara Muummichaa Oromiyaa waliin ta'uun hojiin hordooffiifi deggersaa manneen hojii irratti tasifamaa jira.

Walumaagalatti, hojii gama kanaan bara kana keessa hojii hojjetameen waliigalaan qarshii ummataa haala adda addaan qisaasa'e qar. Biliyoona 5 deebisiisuuf karoorfannee raawwiin qar.10,286,760,239.71 himannaa dhiheessuun alatti qaamota qarshiin uummataa bira jiru gorsaan deebisiisuun danda'ameera. Dabalataan maallaqaan ala qabeenyonni adda addaa gorsaaf tarkaanfii bulchiinsaan deebi'an.

- Mana Gandaa-357
- Lafa baadiyaa heektaara -10,572.02
- Lafa magaalaa-2,729,418 km$^2$
- Nagahee adda addaa-485,025

Kana malees qabeenyaawwan biroo kanneen akka laapptooppii 53, taabileetii 19, motor saaykilii/doqdoqqee 69, power bank 4, moobaayila 8, kaameraa firii 5, priintara 4, Jiipaasii 3, sheedii 8, ujummoo bishaanii firii 442, Moota Paampii 1fi Mootara bishaanii 2, Minjaala waajjiraa firii 2, Biskileetii 2, Roottoo Bishaanii Abbaa Litiraa kuma kudhanii 3, TV abbaa inchii 32 deebisiisuun danda'amee jira.

– **Qabeenya mootummaa qisaasa'e himannaa hariiroo hawaasaan deebi'e**

Dantaa hariiroo hawaasaa kabachiisuu keessatti dhimmi xiyyeeffannoo sadarkaa lammaffaarratti xiyyeeffannoo argate qabeenyi ummataa qisaasa'e gorsaan kan hin deebine yoo ta'e, himannaa hariiroo dhiheessuun deebisiisuudha. Haaluma kanaan bara kana hanga ammaatti galmeen banamee falmiirra ture dimshaashni 4,177 yoo ta'u tilmaamni qabeenyaa himanni sadarkaa adda addaatti ittiin dhihaate qar.4,396,634,653.83 olidha dha. Kana keessaa galmeen murtii mana murtii argate 3,068 (73.4%) ta'ee tilmaamni isaa ammoo qar. 2,772,171,966.76 yoo ta'u, kan murta'e kana keessaa kan Abbaa Alangaaf murtaa'e galmeedhaan 2,991 (% 97.5) tilmaama qabeenyaatiin qar. 2,673,623,137.05dha.

– **Dandeettii himannaa mootummaarratti haqa malee dhihaatu ittisuu**

Bara kana mootummaarratti himanni hariiroo hawaasaa dhihaatee falmamaa ture lakkoofsaan galmee 2,864 kan tilmaamnisaa qar.15,548,861,259.5 ta'een yommuu ta'u, kana keessaa kan murtii mana murtii argate galmee 2,167 kan tilmaamnisaa qar. 11,632,224,505.04 ta'edha. Kan murtii argate kana keessaa Abbaa alangaaf ykn mootumaaf kan murtaa'e - galmeedhaan 1,874 (% 86.5) tilmaama qabeenyaatiin qar. 10,903,350,933.8 waan ta'eef dandeettiin ittisuu Abbaa Alangaa qarshiidhaan karoorri % 98 raawwiin % 93.7dha.

Gama biraatiin qisaasama qabeenyaa mootummaa ittisuuf Biiroo Maallaqaafi Ejensii Bittaafi Dhaabamsiisa Qabeenyaa Oromiyaa waliin ta'uun qabeenyaa mootummaa karaa dinagdummaasaa eeggateen akka hojjiirra ooluufi dhaabamsiifamuuf karoora waloo baafachuun hojjechaa jira. Akkaataa kanaan qabeenyaa mootummaa iddoo adda addaatti kufamaan jiraniifi yeroon hin dhaabamsifamne Godinaaleefi Aanaalee irraa adda baasuun akkaataa seeraatiin akka dhaabamsifamaniif hojiin baldhaan hojjetama jira. Akkasumas, bara kana keessa gama qabeenyota adda addaa iddoo baay'eetti manca'anii argaman, kan abbaansaanii hin beekamne Waajjiraalee Maallaqaa sadarkaadhaan jiran wajjiin akkasumas Ejensii Bittaafi Dhabamsiisa Qabeenyaa Oromiyaa wajjiin qindaa'uudhaan hojii bal'aa hojjetameen qabeenyawwan kanneen akka Iskaavaataraa, Doozara, Gireedara, Konkolaataa garagaraa, Tiraaktara, Qaaccessituu (ruulloo)fi ujummoo riqicha adda baasuun himannaa mana murtiitti dhiyeessuun qabeenyaa abbaa hin qabne ta'uun mirkanaa'ee mootummaan akka bulchuuf kaazina mootummatti akka deebi'u hojjetamaa turee jira. Haala kanaan hojii hojjetameen:

- Qabeenyoonni adda addaa abbaansaanii hin beekamne dirreetti gatamanii turan tilmaamni maallaqaa 288,454,020.41 ta'u, Abbaan Alangaa akkaataa seeraatiin himata mana murtiitti banuudhaan mootummaaf akka galii ta'an taasiseera
- Qabeenyoota adda addaa armaan diura qisaasamanii turan karaa Ejensiitiin akka gurguramanii mootummaa galii ta'u taasisuudhaa qarshiin 118,751,272.57 galii ta'eera.
- Qabeenyota qisaasamanii adda bahan keessaa sadarkaa Aanaaleefi Godinaatti gurguramee qarshiin 39,660,541.08 mootummaaf galii ta'era
- Qabeenyota adda addaa qisaasamee argame tilmaamni maallaqaa qarshii 61,030,348.82 manneen hojii mootuummaa suphisiisanii akka ittiin tajaajilamaniif kennameera
- Cuunfaan raawwii sochii qabeenyota adda addaa qisaasamanii argaman mootummaaf murteessisuufi dhabamsiisuu bara kana hojjetame gabatee gadii keessatti adda bahee taa'ee jira. **Qulqullina tajaajila abbaa alangummaa kan dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa**

Qulqullinni tajaajila dhimmoota hariiroo hawaasaa baayyina tajaajila kennamee, dandeettii mo'achuu, baayyina gorsa seeraa qaama raawwachiiftuuf kennamuufi dabaluu qulqullina hojiin kan madaalamudha. Haaluma kanaan, raawwiin hojii kanaa kallattii agarsiiftuuwwan karoorfamaniin yoo xiinxalamu:

**a. Gulaallii waliigaltee piroojektoota mootummaan qaama biroo waliin taasisu**

Waliigaltee mootummaan qaamota adda addaa waliin taasisu keessatti dantaan ummataa akka hin miidhamneef waliigaltichi ulaagaa seeraa kan guute ta'uunsaa gulaalamuutu irra jiraata. Keessumaayyuu bu'aqabeessummaa piroojektoota gurguddoo mootummaan raawwataman mirkaneessuu keessatti qulqullinniifi ulaagaa seeraa guutuu danda'uun waliigaltewwan pirojektootaa dhimma ijoo waan ta'eef ammatti seerri sekteroonni mootummaa waliigaltee taasisan gara biiroo fidanii akka gulaalchisan ifatti dirqisiisu dhabamuun isaa gufuu ta'us waliigalteewwan gurguddoo mootummaan qaama biraa waliin taasisu gulaaluun ergama Biiroo Abbaa Alangaa waan ta'eef dhimmichi sadarkaa hundatti xiyyeeffannoo argachuun raawwatamaa tureera.Haaluma kanaan: waliigalteen piroojektiiwwan mootummaan qaamota adda addaa waliin taasisu 4,500 karoorfachuun 5,004 gulaaluun 390 ammoo wixineessuun danda'ameera.

**b. Dandeettii mo'achuu himata dantaa mootummaaf uummataa kabachiisuuf dhihaatu**

Ergamoota biiroo Abbaa Alangaaf seeraan kennaman keessaa dantaa hariiroo hawaasaa uummataaf mootummaa kabachiisuun kan ijoo waan ta'eef qabeenya mootummaaf uummataa haala adda addaan qisaasa'e kaazinaa mootummaatti deebisiisuuf maloota hojiirra oolan keessa tokko mootummaaf uummata bakka bu'uun himannaa hariiroo hawaasaa banuun falmii gaggeessuun qabeenya mootummaa deebisiisudha. Qulqullinni tajaajila gama Kanaan kennamus maloota ittiin madaalamu keessaa dandeettii mo'achuu Abbaa Alangaa gama kanaan jiruuti. Dandeettiin mo'achuu kunis galmee fi qarshiin kan ibsamu ta'ee Abbaan Alangaa galmeewwan hariiroo hawaasaa dhiheessu keessaa meeqa akka mo'atefi tilmaama qarshii

*Gara fuula 14tti*

**Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!**

## Hawaasummaa

*Galaanaa Kumarraa*

# Dhukkuba Tiruu daa'immanii vaayirasiin dhufu, mallattooleefi yaalasaa



Dhibeen Tiruu vaayirasiin dhufu kulkulfannaafi miidhamuu Tiruu sababa vaayiraasota garaagaraan dhufuudha. Namoota umurii kamirraayyuu jiru miidhuu kan danda'u yoo ta'u, keessumaa daa'imman dhukkuba kanaaf saaxilamoodha.

Akka Akkaadaamiin daa'immanii Ameerikaa jedhutti Dhukkubni Tiruu vaayiraasii Bfi C sababoota kaansarii Tiruufi dhibee Tiruu yeroo dheeraa daa'immaniifi ga'eessotaa addunyaa irratti baay'inaan mul'atan keessaa isa tokko. Dhukkubni tiruu kunis Vaayiraasota akka A, B, C, D fi E dabalatee gosoota hedduu kan qaban yoo ta'u, tokkoon tokkoon isaanii sababaa fi mallattoo mataa isaanii qabu.

**Sababoonni dhukkuba Tiruu Daa'immanii Vaayirasiin dhufu maalii?**

Dhukkubni tiruu sababoota adda addaatiin kan dhufu yoo ta'u, kunis infekshinii vaayirasii, summii ykn keemikaalotaaf saaxilamuufi haalawwan fayyaa tokko tokko dabalata. Daa'immanirratti, sababni dhukkuba tiruu baay'inaan dhukkuba vaayirasiitiin dhufuudha.

**Dhukkubni Tiruu vaayiraasii Afi E**

Nyaataafi bishaan faalameen kan babal'atuudha.

- Daa'imman naannoo qulqullina gaarii hin qabne jiraatan ykn gara biyyoota dhukkubni Tiruu Afi E baay'inaan itti mul'atanitti imalan dhukkuba kanaan qabamuuf carraa guddaa qabu.

**Dhukkubni tiruu vaayiraasii B, C fi D**

- Dhiiga dhukkuba kanaan qabame ykn dhangala'aa qaamaa waliin wal-quunnamuudhaan kan daddarbuudha.
- Daa'imman haadholiin isaanii 'Hepatitis B ykn C qaban irraa dhalatan carraan dhukkuba kanaan qabamuusaanii guddaadha.
- Daa'immanirratti sababoonni balaa dhukkuba tiruu Bfi C biroon, meeshaalee yaalaa faalamaniif saaxilamuu
- Walquunnamtii saalaa of eeggannoo hin qabne(daa'immanirratti humnaan gudeeddii) fi meeshaalee dhuunfaa kan akka saamunaa/ buruushiin/ ilkaanii nama dhukkuba kanaan qabame waliin fayyadamuudha.

Mallattooleen dhukkuba tiruu gosa vaayirasiifi cimina infekshinichaarratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu danda'a. Yeroo tokko tokko daa'imman mallattoo tokkollee mul'isuu dhiisuu malu.

**Mallattoolee dhukkuba Tiruu daa'immanirratti mul'atan**

- Dadhabbiifi aannisaa dhabuu
- Dhaqna gubaa
- Fedhii nyaataa dhabuu
- Ol deebisuufi loccisiisuu
- Dhukkubbii garaafi miirri itti toluu dhabuu
- Fincaan biftisaa jijjiiramuu(bifa keelloo ta'uu mala)
- Bifti sagaraa kan duraarraa jijjiiramuu
- Gogaafi iji keelloo ta'uu
- Garaan dhiita'uu(bokokuu)

**Wal'aansa Dhukkuba Tiruu daa'immanii vaayiraasiin dhufuu**

Wal'aansi dhukkuba tiruu daa'immanii gosa vaayirasiifi cimina dhukkuba kanaarratti kan hundaa'u ta'ee wal'aansawwan armaan gadii qabaachuu danda'a. Isaanis:

- Haala salphaa ta'een, boqonnaafi kunuunsi deggersa taasisuun daa'imni keessan akka fayyu gargaaruuf barbaachisu qofa ta'uu danda'a
- Qorichi farra vaayirasii infeekshinii ciminaafi gosa vaayiraasii sanairratti hundaa'uun kennamuu danda'u. Kun, biyya keenya keessatti yeroo dheeraaf rakkisaa kan tureefi jirudha.
- Yeroo tokko tokko haala daa'ima keessanii hordofuufi kunuunsa deggersaa kan akka dhangala'aafi soorataa kennuudhaaf hospitaala ciisuun barbaachisaa ta'uu danda'a.
- Mallattooleen armaan olii daa'imarratti yoo argine hatattamaan mana yaalaa geessuun rakkoo jiru adda baasuun barbaachisaadha.

**Toofttaa ittisa dhukkuba Tiruu daa'immanii vaayiraasiin dhufuu**

- Daa'immanirratti dhukkuba tiruu ittisuun hojii qulqullinaa gaariifi talaallii irraa eegala
- Talaalliin Vaayiraasii Tiruu A fi B biyyoota hedduu keessatti daa'immaniif akka idileetti kan gorfamu yoo ta'u, gosoota vaayirasii beekamoo kana irraa of eeguuf gargaaruu danda'a. Biyya keenya keessatti garuu kan gosa B qofatu akka idileetti kennama
- Harka keenya yeroo hunda bishaaniifi saamunaan dhiqachuu
- Meeshaalee dhuunfaa kan akka Saamunaa/ buruushiwwan/ ilkaanii waliin fayyadamuurraa of qusachuu
- Walquunnamtii saalaa of eeggannoo hin qabnerraa fagaachuu
- Dhiiga ykn dhangala'aa qaamaa faalame waliin wal qunnamuu irraa fagaachuu
- Haati ulfaa tokko qorannoo Vaayiraasii B kana taasisuun daa'imashee talaalchisuuf of qopheessuu qabdi
- Daa'imni tokko humnaan yoo gudeedamtee hatattamaan mana yaalaa geessuun hakiima mariisisuudha.

**Yaala daa'imman dhukkuba Tiruu vaayiraasiin dhufu waliin jiraachaa jiranii**

Daa'imni keessan dhukkuba tiruu qabaachuun isaa/ ishee yoo adda baafame, tarkaanfiiwwan haala kana to'achuufi miidhaa Tiruu dabalataa dhufuu malu ittisuuf gargaaran fudhachuun barbaachisaadha. Kunis, kanneen armaan gadii of keessatti qabachuu danda'a:

- Nyaata fayya qabeessa hordofuufi sochii qaamaa taasisuu
- Alkooliifi qoricha Tiruu miidhuu danda'anirraa fagaachuu
- Qorichoota akka hakiimni daa'ima keessanii ajajetti fudhachuufi ajaja hakiimaa malee fudhachuu dhiisuu qabu.
- Yeroo yeroon qorannoo gochuufi haala dalagaan Tiruu irra jiru hordofuu

*Maddi: Doktor Lammeessaa Sabboonaa*

*Jimma Universiy, Ethiopia!*

# Oduu

## Naannoo Oromiyaatti dhibeen busaa akka hin babal'anne hojjetamaa jira jedhame

*Kutaa Qophiitiin*

Naannoo Oromiyaatti Ganna darbaa jiru hordofee tamsa'inni dhibee busaa akka hin babal'anneef hojii bal'aan hojjetamaa jiraachuu Biiroon Fayyaa Oromiyaa beeksiseera.

Hogganaa Itti Aanaan Biiroo Fayyaa Oromiyaa Dr.Tasfaayee Kabbabaaw, naannichatti dhibee busaa ittisuufi to'achuuf hojiin bal'aan hojjetamaa jira jedhan.

Dhibee busaa ittisuufi to'achuuf tattaaffii taasifamaa jiruunis hawaasniifi dargaggoonni naannichaa hirmaannaa qindaa'aa taasisaa jirachuus ibsanii keessumaa bakkeewwan bishaan kuufatan yaasuufi hojiin qulqullinaa hojjetamaa jiraachuu dubbataniiru.

Hojii to'annaa bookee busaa kanas tajaajila lammummaa fayyadamuun irratti hojjechuufis xiyyeffannoon addaa itti kennamuun irratti hojjetamaa jiraachuu dubbataniiru.

Gama kanaanis tola ooltota hirmaachisuun manaa manatti hojii sakatta'iinsa bookee busaa taasisuun namoota mallattoon irratti argame gara dhaabbilee fayyaa akka deeman taasifamaa jiraachuu himaniiru.

Hojiin tooftaa ittisa dhibee busaa barsiisuus dhaabbilee fayyaatti, naannoowwan uummanni walitti qabamaniifi manaa manatti raawwatamuus eeraniiru.

Bakkeewwan filatamanittis hojiin keemikaala biifuu raawwatamuus ibsanii, hanga ammaattis Godinaalee Iluu Abbaa Boor, Wallagga Lixaafi Qellam Wallagaatti hojiin manaa manatti keemikaala biifuu raawwatamuu ibsaniiru.

Akkasumas marsaa jalqabaan agoborri siree miiliyoona 1. 6 hawaasaaf raabsamuufi waqtii Gannaa bahu hordofee dhibee busaa uumamuu danda'u ittisuufi to'achuufis yeroo dhihootti agobora siree miiliyona tokkotti dhihaatu raabsuuf karoorfamuus beeksisaniiru.

## Guutuu Oromiyaatti eebbifamuu Hidha . . .

gammacchuu Godina Arsii Magaalaa Asallaatti gaggeeffamerratti argamuun haasaa taasisaniin, Itoophiyaan Injifatteetti jedhaniiru.

Mootummaan jijjiiramaafi dhaloonni kun hawwiifi abjuu abboota keenya barootaa karooraan masakee hogganssa tarsiima'aan kudhaamee Hidha Haaromsaa Guddicha Itoophiyaa injifannoo Adwaa 2ffaa xumuree eebbisuun gootummaa Itoophiyaa irra deebiin addunyaaf dhugoomsuun danda'uu keenya addunyaaf dhugoomsineerra jedhaniiru.

Pirojektichi abjuu dhugoome; karoora milkaa'e copha dafqaafi dhiigaan kan ijaarame ashaaraa dhaloota haaraa injifannoo Adwaa 2ffaa ta'uusaa himuun, uummanni keenya abbaa injifannoo qaaliitis jedhaniiru.

Ijaarsi pirojektichaa shiraan xaxamee abjuu ta'ee akka hafu kan taasifamee ture ta'u kan ibsan Obbo Awwaluun, hooggansa Looreenni nagaa Addunyaa Ministeerri Muummee Dr Abiy Ahimad kennaniin, pirojektichi lafa kufee ka'uu yaadachiisaniiru. Imala bifa haaraan eegalame danquu ykn bakkuma jirutti dhaabsisuufis Mana Maree nageenyaa Idil Addunyaatti yeroo 13 ajandaa taasifamuu himanii akka biyyaattis humna keessoo keenyaa dadhabsiisuuf qoqqobbiiwwan hedduun kaa'amaa turaniirus jedhan.

Injifannichi Adwaa 2ffaadha kan jennuufis ijaarsichi Simmintoofi Sibiila beekumsa ammayyaan walitti dhufee hidha ijaarame qofa osoo hin taane coba dafqaa, imimmaaniifi dhiigaa wareegama aarsaa qaalii kaffalameen kan dhufe injifannoo uummata guddaa ta'uu ibsaniiru.

Hidhi Haaromsaa kun annisaa ifaa keenya qofaa osoo hintaane eenyummaa biyyaalessummaa mallattoo bilisummaafi birmadummaa keenyaa waan ta'eef gamtaan injifachuu keenyaan gammachuu guddaatu nutti dhaga'amas jedhan.

Itoophiyaan rivaanii kuttee gammachuu daangaa qaxxaamure labsuu isheetiinis baandaan biyya keessaafi baadonni biyya alaa qalbiinsaanii cabee qaaniin hin dabarres itti haguugameera kan jedhan Obbo Awwaluun baga gurmoofnee, baga waloon duullee duulchifne! baga milkooftanii baga waloonis milkoofne jechuun uummata naannichaa galateeffataniiru.

Injifannoo olka'iinsa keenya jalqabsiise Hidha Haaromsaa Guddicha Itoophiyaa erga labsinee ajandaa guddaan ammas walooma keenya gaafatu Ulaa Galaanaa shiraan dhabne seeraan deebisuudhas jedhaniiru.

## Naannoo Oromiyaatti bara barnootaa . . .

barsiisota barattoota, maatii barattootaafi qooda fudhattootaa hunda hammateen gaggaaffamuun milkaa'ina barbaadamu akka fidu qabus dubbataniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Barnootaa Bulchinsa Magaalaa Shaggar Firakiyyaa Kaasahun gamasaaniin manneen barnoota magaalicha 1265 keessatti barattoota 439000 galmeessuuf qabatame keessaa dhibbantaan 80 ol raawwachuun tibbana hojii baruufi barsiisuu eegaluu ibsaniiru.

Obbo Firakiyyaan akka jedhanitti waliinga'insa qofa osoo hintaane gama qulqullinaanis barattoota dorgomaa ta'an uumuuf xiyyeeffannoon hojjetaa jirras jedhan.

Kanaaf immoo yoo xiyyeeffannoofi xiiqiin hojjetame milkaa'inni barbaannu argamuu ni danda'ama jedhanii kanaaf barsiisotni magaalicha hunduu karaa kutannoofi xiiqiin guutameen hojjechuun hojiifi baruufi barsiisuu milkeessuu akka qaban, barattootni qophii guutuun akka barumsasaanii ammumarraa jalqabanii duuka bu'an ibsaniiru.

## Raawwii karoora hojii . . .

waliigalaa himannaa hariiroo hawaasaa ittiin dhiheesse keessa dhibbentaa meeqan mo'achuu akka danda'en kan ibsamudha. Haaluma kanaan:

- Galmeen waliigalaa falmiirra ture 4,177 yommuu ta'u timaamni qabeenyaa himanni ittiin dhihaate qar.4,396,634,653.83 ta'ee kana keessaa kan murtii argate galmee 3,068 (% 73.4) kan tilmaamni qabeenyaa qar. 2,772,171,966.76 (% 63.05).
- Kan murtaa'e keessaa kan Abbaa Alangaaf murtaa'e galmee 2,991 (qar.2,673,623,137.05) yommuu ta'u kan Abbaan Alangaa mo'atame immoo galmee 77 (qar.98,548,829.71) galmeen 1,109 kan tilmaamnisaa qar.1,624,462,687.07 ta'e immoo ammas falmiirra jira.
- Dandeettiin mo'achuu Abbaa Alangaa galmeedhaan karoorri % 92 raawwiin % 97.5 yommuu ta'u tilmaama qabeenya himannaan ittiin dhihaateen ammoo dandeettiin mo'achuu Abbaa Alangaa karoorri % 92.5 raawwiin % 96.45dha.

**c. Dandeettii ittisuu himata hariiroo hawaasaa mootummaarratti dhihaatuu**

Agarsiiftuun qulqullina bu'aa kanaa kan biroo dandeettii mo'annaa himannaa hariiroo hawaasaa mootummaa irratti dhihaatee Abbaan Alangaa bakka bu'uun irraa ittisuuf falmii taasisuuti dandeettii ittisuu Abbaa Alangaa ibsaa. Haaluma kanaan dhimmoonni hariiroo hawaasaa qaamoleen mootummaa ittiin himatamanii Abbaan Alangaa bakka bu'uun falmaa turre Galmeen waliigalaan dhihaate ittisuuf falmame galmee 2,864 ta'ee tilmaamni himanni ittiin dhihaate qar.15,548,861,259.5 yommuu ta'u kana keessaa kan murtii mana murtii argate galmee 2,167 (% 75.66) kan tilmaamni isaa qar. 11,632,224,505.04 (% 74.8) ta'edha.

Kan murtii argate kana keessaa:

- Kan Abbaa Alangaaf murtaa'e kan ittifame galmeedhaan 1,874 (% 86.5) qarshiidhaan qar.10,903,350,933.8 yoo ta'u. kan Abbaan Alangaa ittiin mo'atame ykn kan mootummaatti murtaa'e galmeedhaan 293 (% 13.5) ta'ee qarshiidhaan 728,873,571.24 (% 6.3)dha.
- Galmeen 697 kan tilmaamnisaa qar. 3,916,636,754.46 ta'emmoo falmiirra jira. Dandeettiin ittisuu karoorri % 97 raawwiin % 93.7dha.

***Gabaasa raawwii hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaarraa kan fudhatame***

**Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!**

# Bohaartii

*Bushraa Alii*



## Haadha manaa tokko abbootii warraa lama: sirna gaa'elaa falmii kaase

Indiyaa ollaa xiqqoo Himaaliyaa keessatti mana tokko keessa shamarreen tokko uffata aadaan faayamtee dhiirota gammachuun irraa mul'atu lama gidduu teessi.

Suuraan kun sagantaa cidhaa irratti ture kan kaafame. Suuraan akkasii kan baratame miti.Sunitaa C obboloota lameen Kaapiil N fi Piraadiip N waliin gaa'ela godhatte. Indiyaatti abbaa manaa tokkoo ol (Polyandry)fi haadha manaa tokkoo ol (Polygamy) qabaachuun seeraan dhorkaadha.

Sirna gaa'elaa dubartiin tokko obboloota lameen waliin raawwatte kanarratti suuraan kaafame miidiyaa hawaasummaarratti baayyee qoodameera. Taateen kun maatiin akka arrabsamanii fi kabaji isaanii akka gadi bu'u taasisuun alatti akka biyyaatti mata duree falmii ta'eera.

Misirroonni sadeen gosa Hatii jedhamuuti. Gosti kun Indiyaa keessatti gosa ganamaa jedhamuun kan beekaman yoo ta'u ,ollaa yaa'a lageen Giiriifi Toons irratti argaman Himaachaal Piraadheesh fi Utaraakahaandi jedhaman keessa jiraatu. Hawaansi ummata kuma 300 ta'u naannocha keessatti gandoota argaman 400 keessa jiraatu.

Indiyaan gosoota 700 caalaniif beekamtii kennitee kan jirtu yoo ta'u, gosoonni kunneenis baayyina ummata biyyattii keessaa dhibbeentaa 8.6 ta'u. Waggoota kurna lama dura m Mootummaan biyyattii gosa Haatii jedhaman kanaaf beekamtii murtaawaa ta'e kenneefiira.

Gosti kun hawaasa amantii Hinduu hordofan jalatti ramadamanis aadaan fuudhaa fi heerumaa isaanii duudhaa amantichaarra adda. Sirni gaa'elaa isaanii ""jodidara" ykn "jajda" jedhamu kanarratti mirroowwan namuu osoo gidduu hin seenin kallattiin wal ilaalaa waadaa waliif galu.

Akkaataa duudhaa Hinduutiin garuu misirroowwan waan barmaataan abidda eebbifamaa jedhamee beekamutti yeroo torba naanna'uu qabu. Dhimmi biraan fuudhaafi heeruma hawaasa kanaa kan Hinduu irraa adda taasisu, akkaataa aadaa hawaasa kanaan misirrottiitu gara mana gurbaa deemee adeemsa gaa'elaa raawwatti.

Gaazexeessaan hawaasa Haatii keessaa ba'e Sheer Juungi Chaawuhaan "akka duudhaa ganamaatti obboleessi tokko horii eeguuf fagaatee wayita deemu obboleessi inni kaan manatti misirrottii faana tura.

Kan fageetee deeme sun wayita manatti deebi'u innimmoo dabareesaa misirrottii waliin jiraachuu eegala," jechuun aadaasaanii ibse."Ijoolleen dhalattu abbaa kamiin waamamti kan jedhuuf ammas maatii lamaantu waliin mari'atanii murteessu," jedhe.

Hawaansi Haatii sirna amantii Hinduufi amantii Animism jedhamu kan bineensonni, biqiloonni, bishaan ykn uumamni kamuu hafuura qabu jedhu walitti makuun hordofu.

Obboloonni dhiiraa qabiyyeen lafaa isaanii akka hin qoqqoodamneef dubartii tokko akka fuudhan jajjabeessu hawaasi kun.

Bakkasaan jiraatan lafti misoomaaf ta'u muraasatu jira.

Ammoo dhaala ijoollee dhiiraaf qooduun qabeenya maatii haphisa ykn hir'isa jedhanii amanu.Hanga mootummaan kallattii adda ta'een dhorkaa hin keenyetti heerri mootummaa Indiyaa hawaasi akka Haatii kunneen duudhaa fi aadaasaanii akka eeggatanii fi hojiirra oolchan ni eeyyamaaf.

Bulchaa jalqabaa Himaachaal Piraadeesh kan ta'an hayyuun seenaa Yaashwaanti Siingi Paarmaar "aadaan dubartoonni dhiira tokkoo olitti heerumuu kan dhufe haala teessuma lafaa mijataa hin taane fi naannawa kana dhiphisu irraa kan ka'e lafa muraasa jiru eeggachuufi," jedhan.

Hayyuun kun yaada kana kitaaba isaanii Polyandry in Himalayas jedhamu keessatti ibsan.Haata'u malee fuudhaa fi heerumni akkasii kun bara keenya keessa hafeera jedhan. Naannawa kanatti barnoonni fi misoomni babal'achuun akkasumas qaroominni hammayyaa dubartoonni dhiirota lamatti heerumuu hambisaa dhufeera jedhu.

Haata'u malee jiraataa naannawa kanaa kan ta'an Kaapil Paawuhaan ollaawwan naannawa sana jiran hunda keessatti yoo xiqqaate maatiiwwan afurii hanga ja'aa ta'an sirna fuudhaafi heerumaa kana hojiirra oolachaa jiru jedhan.

"Ibsituu eenyummaasaanii ykn kabaja isaaniiti. Dubartoonni dhiira tokkoo olitti heeruman maatiinsaanii hanga itti tolee jirutti nama biraatti rakkoo ta'uun irra hin jiraatu," jechuunis himan. Naannawa kanatti quuqamaa mirga namoomaa kan ta'an Raameesh Siingitaa "yeroo ammaa gaa'elli akkanaa osoo namni hin dhagahin gadi qabaadhaan raawwatama," jedhan.

Ollaa kana keessatti dubartiin tokko dhiirota lama, sanuu obboloota ta'anitti, heerumuun miidiyaa hawaasummaarratti mata duree falmii ta'eera. Hedduun eeyyama waliitiin akkasumas filannoodhaan kan raawwatamu ta'uu kaasuun falmu.

Gariin ammoo mirga dubartootaa kan sarbuudha jechuun falmaniiru. Kanneen sirna fuudhaa fi heerumaa kana deeggaran ga'ee inni lafaafi tokkummaa maatii cimsuu keessatti qabu eeruun aadaa kana jajan. Gareen sirna kana qeeqan ammoo adaan kun booddeetti kan hafe, mirga koorniyaa kan sarbuu fi faayidaa akkasumas mirga dubartootaa kan hacuucuudha yaada jedhu kennan.

Kaan ammoo dubartoonni dhiira tokkoo olitti heerumuun fudhatama argatee dhiironni ammoo dubartii tokkoo ol akka hin fuune dhorkuun sirrii miti jechuun kan falmanis jiru.

Maatiin gamasaaniin filannoo misirroowwan kunneen deeggaraniiru. Aadaa bareedaa ijoollee isaanii gammachiisu ta'uutti akka gammadan ibsan. Namni siyaasaa naannawa kanaa, Ministirri Industirii, Haarshiwaard Chaawuhaan "Piraadiip fi Kaapil aadaa keenya kana itti fufsiisuun eenyummaa keenya nuuf kabachiisaniiru," jedhan.

Kaan ammoo dhiibbaa mana keessatti dubartittiirratti heddummaatu eeruun haalli kun baayyee hamaa ta'uu dubbatan. "Aadaan kun humna dubartootatti taphachuufi garmalee itti fayyadamuu jajjabeessa. Mirga dubartootaa kan sarbuudha," jedhan Paartii Dimokiraasii Indiyaatti

Hooggantuu dhimma hawaasummaafi dubartootaa Maariyam Diwaalee. Dubartiin tokko dhiira lamatti heerumuun daa'imman hedduu akka godhattu waan taasisuuf kunis dhiibbaa mataasaa fidee dhufa jedhan Maariyam.

Bakka gaa'elli akkanaa itti raawatu kana kan jiraatan dubartiin Ashaa Deevii jedhaman garuu sirni gaa'elaa "jodidara" jedhamu kun mirgaa fi walabummaa dubartootaa akka hin sarbine ibsan. "Akka yaadamu kana osoo hin taane dubartoonni gaa'ela haala kanaan raawwatan diduu ykn dhiisanii ba'uu danda'u. Dubartoonnis dhiironnis gaa'ela kanaaf hin dirqisiifaman," jedhan.

